

**Miira Qaamaa Daa'immanii Sissi'eessuu,
Tapha Daa'immaniifi Dandeettii Kalaqa
Daa'immanii**

**Kitaaba Harkee Barsiisonniifi Hojjattoonni
Dhaabbata Kunuunsa Daa'immanii Maatii Ittiin
Mariisisuuf Qophaa'e**

2012 A.L.H

Qaamawwan Miiraa Daa'immanii Sissi'eessuu, Taphaafi Kalaqa

Baafata

Mataduree

Fuula

Qajeelcha Waliigalaa..... 1

Kutaa Tokko: Qaamawwan Miiraa Daa'immanii Sissi'eessuu

Ergaawwan Ijoo

Shaakala Gochaa

Ergaawwan ijoo

Guddina Qaamawwan Miiraa Daa'immanii Umriidhaan

Kutaa Lama: Tapha Daa'immaniif

Faayidaa Taphaa

Shaakala Gochaa

Shaakala Gochaa

Ergaawwan ijoo

Akaakuwwan Taphaa Umriidhaan

Tapha Daa'immanii Deggeruuf Gahee Maatii/ Guddistootaa

Shaakala Gochaa

Ergawwan Ijoo

Meeshaalee Taphaa Haala Gahaa Ta'een Dhimma Dhiheessuu

Kutaa Sadii: Dandeettii Kalaqa Daa'immanii Guddisuu

Ergawwan Ijoo

Ragaa Dabalataa Mariisaaaf

Kalaqni Maalidha? Maalifis Barbaachisa?

Shaakala Gochaa

Ergawwan Ijoo

Kennaa Kalaqaa Daa'imman Uumamaan Qaban Akkamitti Guddisuun Danda'ama?

Qaamawwan Miiraa Daa'immanii Sissi'eessuu, Taphaafi Kalaqa

Qajeelcha Waliigalaa

Kaayyoo Leenjichaa: xumura leenjichaa irratti maatiiwwan/ guddistoonni qaamawwan miiraa daa'immanii sissi'eessuuf, tapha daa'immaniifi dandeettii kalaqa daa'immanii gabbisuuf maal gochuu akka qaban nihubatu.

Hirmaattota Leenjichaa

Hirmaattota leenjichaa akka ta'aniif kan eegaman barsiistota, hojjetoota dhaabbilee daa'immaniin kunuunsan keessa hojjetan. Akkasumas, maatiiwwaniifi guddistootadha.

Keessa Deebii

Leenjifamaan hundinuu waan guyyaa darbe barate yaadachuuf akka isa gargaaruuf jalqaba leenjiwwaniirratti hirmaattonni lama yaadawwan ijoo marii guyyaa darbee akka dhiheessan gaafachuun barbaachisaadha.

Fakkeenyaaf,

1. Wantoonni guyyaa darbe irratti mari'anne maal maalfaa turan?
2. Dhimma mataduree guyyaa darbe irratti mari'anne wajjin walqabatee mana keessan keessatti ijoollota keessanii wajjin maal gootan? Rakkoon isin mudate hoo turee?
3. Barnoota guyyaa darbee olloota keessaniif qooddaniittuu?

Madaallii Lenjii Duraafi Lenjii Boodaa

Kutaan lenjii tokko tokkoon isaa eegaluun dura, madaalliin lenjii duraa hirmaattotaaf nikennama. Beekumsa leenjicha irraa argatan madaaluuf immoo madaalliin lenjii boodaa, xumura tokko tokkoon lenjii irratti nikennama.

Shaakala Gochaa: Hojii Garee

Sagantaa lenjii kanaarratti maatiiwwan qaamawwan miiraa daa'immanii sissi'eessuuf, dandeettii kalaqaafi taphaa gabbisuuf, guddina daa'immaniif faayidaa isaan qabaniifi isaan kanas gabbisuuf maal gochuu akka qaban walii wajjin mari'achuudhaan muuxannoo waljijjiiru.

Dambiiwwan Leenjii Waliigalaa

Guyyaa jalqaba leenjichaatti dambiiwwan leenjichaa armaan gadii hirmaattotatti beeksisuu.

- Taa’umsi leenjifamtootaa bifa geengoo walakkaatiin yoo ta’e filatamaa ta’uusaa beeksisuu
- Mariisistootaafi hirmaattota walbarsiisuu
- Yerootiin argamuu
- Yeroo leenjichi kennamu bilbila harkaa (mobile phone) cufuu yookiin sagalee maleessa (silent) taasisuu
- Wayitii leenjichaa hunda irratti sa’atiin argamuu
- Si’aayinaan hirmaachuu
- Yaada namoota biroo kabajuu
- Wayitii keessa deebii: tokko tokkoon guyyaa jalqabaa irratti barnoota guyyaa darbe baratan ilaalchise hirmaattotaa yaadachiisuuf kanneen gabaabsanii ibsan hirmaattota lama eeruudhaan daqiiqaa shaniif mari’achuu.
- To’ataa sa’atii filuu
- Bakka leenjichaa sirreessuu – guyyoota jalqabaa hundarratti daqiiqaa kudhaniif qindeessitooti leenjichaa bakka leenjichaa mijeessu.

Meeshaalee Barbaachisan

- Sadarkaa umrii daa’immaniitiin kanneen qophaa’an kitaabilee seenaa yookiin oduu duriifi fakkiiwwan
- Gabatee gurraacha qulqulluu/ filiip chaartii
- Maarkerii / boronqii
- Qubeessaafi dabtara yaadannoo
- Barruu gaggabaaboo facaafaman

Tokko Tokkoon Leenjiirratti Yaadannoo Qabamu

Tokko tokkoon xumura leenjiirratti mariisisaan waa’ee adeemsa marichaa yaadannoo akka qabatu ni eegama. Qoophii marichaaf taasistu keessa yookiin adeemsa marichaa keessa

yaadawwan ijoo calalamanii ba'aniifi boqonnaa kana keessatti haammatamuu yookiin irra deebi'amanii ilaalamuu qaban galmeessi. Yaadawwan ijoo kunneen gara fuulduraatti ragaa kana caalaatti gabbisuuf nigargaaru

Qaamawwan Miiraa Daa'immanii Sissi'eessuu, Taphaafi Kalaqa

Leenjiin kun, waa'ee maalummaa qaamawwan miiraa daa'immaniifi taphini guddina daa'immaniif akka oolu; akkasumas, dandeettii kalaqa daa'immanii ilaalchisee maatiiwwan gahee isaanirraa eegamu akka taphataniif gargaara.

Sangantaa

Qabiyyee	Mala Barsiisuu	Sa'aatii
Madaallii leenjii duraa	Waraqaawwan gaaffii raabsuu	Daqiiqaa 15
Kaayyoo leenjichaa	Dubbisuufi mari'achuu	Daqiiqaa 5
Qaamawwan miiraa daa'immanii sissi'eessuu	Gaaffiifi deebiifi ibsa	Daqiiqaa 40
Tapha daa'immaniif	Gaaffiifi deebiifi ibsa	Daqiiqaa 40
Dandeettii kalaqaa daa'immanii guddisuu	Gaaffiifi deebiifi ibsa	Daqiiqaa 25
Ergawwan ijoo	Dubbisuufi mari'achuu	Daqiiqaa 20
Madaallii leenjii boodaa	Waraqaawwan gaaffii raabsuu	Daqiiqaa 15

Kaayyoo leenjichaa: xumura leenjichaa irratti maatiiwwan/ guddistoonni

- Qaamawwan miiraa daa'immanii sissi'eessuu nidanda'u.
- Daa'imman guddina isaanii sochii taphaatinn akka gabbifataniif waan ta'uu qabu ni ibsu.
- Dandeettii kalaqa daa'immanii gabbisuuf maal gochuu akka qaban nihubatu.

Kutaa tokko: Qaamawwan Miiraa Daa'immanii Sissi'eessuu

Gaaffii Sissi'eessaa

Qaamawwan miiraa daa'immanii sissi'eessuun maaliif barbaachisa?

Mariisaa

Gaaffii armaan olii hirmaattota gaafachuudhaan deebii isaanii gabatee gurraacha irratti barreessi. Itti aansuudhaan, deebii isaa akka armaan gaditti dhihaate irratti hundaa'uun ibsiif.

Faayidaalee Qaamawwan Miiraa Sissi'eessuu

- Daa'imman waa'ee mataa isaaniifi waa'ee addunyaa jalqaba kan baratan qaamawwan miiraa isaanii fayyadamaniiti.
- Daa'imman kichuu qaamawwan miiraa isaanii akka gabbifatan taasisuun waa'ee mataa isaaniifi waa'ee naannawaa isaanii beekumsa qaban akka guddifataniif gargaara.
- Qaamawwan miiraa daa'immanii humna fooyya'aadhaan gabbisuuf naannawaa isaanii sirriitti akka sakatta'an, akkasumas maalummaa isaanii akka beekaniif mijeessuun nibarbaachisa.
- Qaamawwan miiraa daa'immanii sissi'eessuu dhiisuun guddina waligalaa umrii isaaniitiin bira ga'uu qaban waliin dhaha. Jireenya isaanii keessatti bu'a qabeessa akka hintaaneef danqaa itti uuma.
- Maatiiwwan meeshaalee naannawaa isaaniitti argaman fayyadamuudhaan daa'imman akka taphataniif carraa kennuufiidhaan qaamawwan miiraa ijoollee sissi'eessuu nidanda'u.

Mariisaa

Qaamawwan miiraa, miira **qaqqabuu, ilaaluu, dhaga'uu, fuunfachuufi dhandhamuu** dha. Daa'imman halluwwan garaagaraa, sadarkaa jajjabinaafi lallaafina meeshaalee, hangaafi akaakuwwan sagaleewwanii, miyaafi urgaa wantootaa akka adda baasan taasisuun qaamawwan miira isaanii gabbisuurra darbee, guddina qaamaa, sammuufi hawaasummaa ijoollittiitiif gumaacha niqabaata.

[Empty box]

Qaamawwan Miiraa Daa'immanii Sissi'eessuuf Tooftaalee Maatiiwwan Fayyadamuu Qaban Keessaa Kanneen Armaan Gadii Fakkeenyaaf Eeramaniiru:

- Meeshaalee qulqulluu miidhaa hingeessisne, fakkeenyaaf: koddaa bishaanii, meeshaalee gommaarraa tolfaman, intalshee (doll) fi wantoota biroo dhiheessuudhaan harka isaanii fi afaan isaaniiitiin xuxuqanii akka adda baasaniif jajjabeessuu.
- Seeqanii itti dubbachuudhaan, akkasumas daa'imman sagalee isaan dhageessisaniifi gochawwan isaan agarsiisan fakkeessanii akkaessuudhaan sissi'eessuun nidanda'ama. Kunis, daa'imman waa'ee mataasaanii miirri gaarii akka itti dhaga'amuufi naannawaa isaanii caalaatti akka beekan taasisa.
- Daa'immaniif weeddisuu, dudda isaanii, harka isaanii, miilla isaanii suuta qaqqabuufi sukkuumuudhaan miira qaqqabuu daa'immaniifi dandeettii deebii kennuu isaanii nigabbisa.

Marii Tokko: Faayidaa Qaamawwan Miiraa Daa'immanii Sissi'eessuu

Yeroo Ramadame: Daqiiqaa Ja'aatama

Shaakala Gochaa: Hojii Garee (Daqiiqaa Digidamii Shan)

Mariisaisaa

Yaadawwan ijoo deebiwwanii hirmaattota irraa kennaman gabatee gurraacha irratti barreessuun yaada ijoo marii itti aanuu wajjin walqabsiisuun ibsa akka kennituufiif ibsiif. Itti aansuun, hojii gareetiif hirmaattota qopheessii.

1. Hirmaattonni garee shanitti akka qoodaman itti himi.
2. Tokko tokkoon garee miira qaamawwan daa'immanii akkamitti sissi'eessuun akka danda'amu akka shaakalaniif dalagaalee armaan gaditti dhihaatan hojjechuun akka shaakalan taasisi. Hirmaattonni shaakala kana osoo hin tuffatiin akka hojjetanis hubachiisi.
3. Tokko tokkoon garee qaamawwan miira ilaalu, dhaga'uu, fuunfachuu,

dhandhamuufi qaqqabuu daa'immanii akkamitti sissi'eessuun akka danda'amu irratti akka waliin dubbatan taasisi.

4. Hirmaatonni shaakala kana eegaluu isaaniin dura gara tokko tokkoon garee deemuudhaan yeroo mariachi gaggeeffamu dhimmoota ka'aniifi miira qaamaa daa'immanii sissi'eessuun faayidaa inni kennu ilaalchisee yaadawwan ka'an yaadannoo qabatanii kanneen dhiheessan gabaastota filachiisi. Tokko tokkoon bakka bu'aan garee marii gaggeessan akka dhiheessan taasisuu. Hirmaatonni biroos gaaffii yookiin yaada yoo qabaatan akka kaasan jajjabeessuu. Xumura kutaa kanarratti, yaadannoo mariisaa kan jedhu jalatti qabxiwwan ibsaman dubbisuudhaan yaadawwan ka'an irratti yaada dabalataafi kanneen yaadawwan kana cimsan kennuu nibarbaachisa.

A. Shaakala Miira Ilaaluu Sissi'eessuu

1. Tokko tokkoon miseensota gareetiif wantoota halluu garaagaraa qaban kennuudhaan akaakuu halluwwanii akka ibsan gaafachuu.
2. Wantoota halluu walfakkaataa qaban, hanga halluu isaan qabaniin akka adda baasan taasisuu.
3. Miira ilaaluu daa'immanii sissi'eessuun faayidaa inni qabu ilaalchisee akka mari'atan taasisuu.

B. Shaakala Miira Dhaga'uu Sissi'eessuu

1. Tokko tokkoon garee keessaa miseensota murta'an ija isaanii huccuun haguugaa.
2. Miseensota garee keessaa kanneen ija isaanii huccuun hin haguugamne dabareedhaan sagalee garaagaraa haadhageessisan.
3. Miseensota iji isaanii hucuun haguugame keessaa tokko harka baasee maalummaa sagalee dhagahee haa ibsu.
4. Shaakala kana bu'a qabeessa taasisuuf hirmaatonni sagalee dhageessisan sagalee isaanii akka hir'isan hubachiisuu.
5. Miseensonni garee hundi dabareedhaan iji isaanii huccuun haguugamee dalagaa kana haa shaakalan

6. Xumura irrattis, miira dhaga'uu daa'immanii sissi'eessuun faayidaa inni kennu irratti gareetiin mariisisuu.

C. Shaakala Miira Fuunfachuu Sissi'eessuu

1. Tokko tokkoon garee keessaa miseensota murta'an ija isaanii huccuun haguuguun, urgaa garaagaraa kanneen qaban, fakkeenyaaf: ilillii, fuduraalee kanneen akka loomiifi burtukaana fakkaatan akka fuunfataniif itti kennuun maalummaa isaa akka adda baasan taasisuu.
2. Hirmaattota keessaa kanneen urgaa tokko tokkoon qaamni isaanii dheekkamu (alarjii qaban) yoo jiratan rakkoon akka isaan hinmudanneef ofeeggannoo taasisuu barbaachisa.
3. Miseensonni garee hundi dabareedhaan iji isaanii huccuun haguugamee dalagaa kana haa shaakalan
4. Xumura irrattis, miira fuunfachuu daa'immanii sissi'eessuun faayidaa inni kennu irratti gareetiin mariisisuu.

D. Shaakala Miira Dhandhamuu Sissi'eessuu

1. Tokko tokkoon garee keessaa miseensota murta'an ija isaanii huccuun haguuguudhaan, dhandhama garaagaraa kanneen qaban fakkeenyaaf, fuduraalee, sukkaarafi soogidda kanneen fakkaatan akka dhandhaman taasisuun maalummaa isaa akka ibsan gaafachuu.
2. Hirmaattota keessaa dhandhama tokko tokkoon qaamni isaanii kan dheekkamu (alarjii kan qaban) yoo jiraatan rakkoon akka isaan hin mudanne ofeeggannoo taasisuu barbaachisa.
3. Miseensonni garee hundi dabareedhaan iji isaanii huccuudhaan haguugamee dalagaa kana haa shaakalani.
4. Xumura irrattis, miira dhandhamuu daa'immanii sissi'eessuun faayidaa inni kennu gareedhaan mariisisuu.

E. Shaakala Miira Qaqqabuu Sissi'eessuu

1. Tokko tokkoon garee keessaa miseensota murta'an ija isaanii huccuun haguuguudhaan, citaa waraqaalee, huccuuleefi wantoota kana fakkaatan kanneen

- hanga furdinaafi lallaafina garaagaraa qaban kennuufiidhaan maalummaa isaa akka ibsan gaafachuu.
2. Haaluma walfakkaatuun ulfaatina garaagaraa kanneen qaban cirracha, mukeeniifi wantoota kana fakkaatan kennuudhaan hanga ulfaatina isaaniitiin akka kaa'an taasisuu.
 3. Haaluma walfakkaatuun kanneen biroo immoo harka hirmaattota garaagaraatiin akka qaqqabaman, akka qabamaniif, cimsanii akka qabamaniifi akka qimmiidaman taasisuu.
 4. Miseensonni garee hundi dabareedhaan iji isaanii huccuun haguugamuudhaan dalagaa kana haa shaakalani.
 5. Xumura irrattis, miira qaqqabuu daa'immanii sissi'eessuun faayidaa inni kennu gareedhaan mariisisuu.

Ergawwan Ijoo (Daqiiqaa Shan)

Mariisisaa

Ergawwan ijoo dubbisiif.

- Guddina sammuu daa'immanii gabbisuuf qaamawwan miiraa sissi'eessuufi shaakaluun murteessaadha.
- Daa'imman qaamawwan miiraa isaanii sirriitti sissi'ateefi leenjifame dandeettiwwan hawaasummaa, miiraa, sammuufi qaamaa fooyya'aa ta'e ni gabbifatu.
- Daa'imman qaamawwan miira isaanii sirriitti shaakalsiisuu hin dandeenye miira isaaniifi fudhannaa barnootaa isaanii gara fuulduraa irratti rakkoon isaan mudata.
- Maatiiwwan miira qaamaa daa'immanii sissi'eessuuf deggersa barbaachisu yoo hintaasisne, daa'imman mana barnootaafi mandara keessatti hariiroo hawaasummaa isaan qabatan rakkoo keessatti kufa. Akkasuma, guddina sammuu quucarsuudhaan, guddina fayyaalessaa daa'immanii irratti danqaa uuma.

Mariisisaa

Daa'imman qaamawwan miira isaaniin (dandeettiwwan ilaalu, dhaga'uu, fuunfachuu, dhandhamuufi qaqqabuutiin) waa'ee qaama isaanii, waa'ee dalagaa sammuu isaaniifi waa'ee uumama lubbuu qabaniifi lubbuu hinqabnee naannawaa isaaniitti argamanii wantoota hedduu ni horatu. Ergawwan ijoo armaan olitti tarreeffamanii hirmaattotaaf dubbisiif.

Daa'imman Qaamawwan Miira Isaaniitiin Hammam Akka Baratan/ Akka Gabbatan Ilaaluun Nidanda'ama

- Waa'ee wantoota jajjabaafi lallaafaa, waa'ee hangaafi boca meeshaalee, waa'ee wantoota ho'aafi qorraa; akkasumas, waa'ee kanneen biroo yeroo xuqaniiniifi isaanis kanneen biroo yeroo xuqan miira itti dhaga'amu shaakalsiisuudhaan daa'imman wantootaafi haalawwan miidhaa geessisaniifi hingeessisnee adda baasuu akka danda'an isaan dandeessisa.
- Daa'imman waa'ee madaallii isaanii eeguu; akkasumas, yeroo taphaa bakkawwan itti maqaman eeganii nanaanna'uu baruudhaan bakkawwan rakkisoo ta'an ofeeggannoon akka ilaalan gargaara.
- Daa'imman dalagaalee guyyu guyyuu isaanii gammachuufi bifa guddina isaanii sissi'eessuun akka dabarsan gargaara.
- Wantoonni jajjabeessuufi sissi'eessuuf yeroosaattiifi bifa barbaachisaa ta'een taasifaman qaamawwan miiraa daran gabbisuuf, jechuunis daa'imman harka isaanii isa kam fayyadamuu akka qaban adda baasuuf, xiyyeeffannoo isaanii dabaluuf, ijoollee biroo wajjiniin hariiroo qaban fooyyessuuf, hangawwan sagalee garaagaraa adda baasuuf, madaallii qaamaa eeguuf, qindoomina qaamaa garaagaraa (qindoomina ijaafi harkaa, kan harkaafi harkaa, kan harkaafi miillaa)fi dalagaalee biroos raawwachuuf gargaara.
- Daa'imman kutaalee qaama isaanii, keessumaa harkaafi miilla sirriitti akka fayyadaniifi meeshaalee amala isaaniitiin (Fakkeenyaaf: hangaan, bocaan, bifaan, lallaafinaafi jajjabinaafi kanneen biroonis) adda baasuu akka danda'aniif qaamawwan miiraa gabbachuun daran gargaara. Daa'imman qaamawwan miira isaanii sirriitti fayyadamuu danda'an tokko tokkoon yaaliiwwan isaaniitti miira gammachuutu (miira itti quufuutu) itti dhaga'ama.

- Gabbachuun qaamawwan miiraa, daa'immanitti miirri gaarii akka dhaga'amu taasisuun yaaliifi shaakala caaluuf akka tattaafatan taasisa.
- Gabbachuun qaamawwan miiraa, daa'imman hariiroo gaarii daa'imman biroo wajjiniin akka qabaataniif, dandeettiwwan hawaasummaa, miiraafi sammuu gabbataa ta'e akka gonfataniif; akkasumas, rakkoolee akka hubataniifi hiikaniif gargaara.
- Daa'imman fedhii addaa qaban caalaatti sissi'eessuufi taphachiisuun sababa miidhama isaaniitiin dalagaalee garaagaraa raawwachuurraa akka isaan hindaangeffamne gargaareefi xinsammuu mo'iinsaa garaagaraa gonfachiisee milka'inaaf isaan kakaasa.
- Daa'imman fedhii addaa qaban akka daa'imman biroo saffisaafi collummaa walfakkaatuun wantoota hojjechuu yoo dadhabanis, tooftaafi karaa mataa isaaniitiin akka shaakalaniifi akka barataniif obsaan deggersa taasisuun barbaachisaadha.
- Maatiiwwan yookiin guddistoonni akkasumas, obboleessiifi obboleettiin daa'imman fedhii addaa qabani wajjin taphachuuniifi si'aayinaan akka hirmaatan gargaaruudhaan sissi'eessuun faayidaa olaanaa qaba.

Marii Lama: Karaalee Qaamawwan Miira Daa'immanii Sissi'eessan

Yeroo Ramadame: Daqiiqaa Ja'aatama

Mariisisaa

Karaalee qaamawwan miiraa daa'immanii itti sissi'eessan, kan armaan gadiitti dhihaatee jiru, hirmaattotaaf dubbisiif. Hirmaattonnis yaada akka kennan taasisuudhaan, marichaan booda ejjennoon waliinii akka jiraatuuf ibsa kenni.

Maatiiwwan/ guddistoonni daa'immaniin karaa adda addaa lamaan nisissi'eessu. Isaanis:

1. Xiyyeeffannoo daa'immanii gara meeshaalee garaagaraatti qajeelchuufi agarsiisuun
2. Gara ta'iinsa naannawaa isaaniitti raawwatamuu akka yaadan taasisuudhaan

Dalagaaleen armaan gadii qaamawwan miiraa daa'immanii nisissi'eessu.

- Daa'imman maalummaa meeshaalee naannawaa isaaniitti argamanii akka sakatta'aniif haalawwan yeroo isaaniif mijeeffamuufi yeroo deggeraman qaamawwan miiraa isaaniis haala fooyya'aa ta'een nigabbata.
- Maatiiwwan xiyyeeffannoon daa'immanii ta'iinsa yookiin meeshaa tokkatti harkifamuu yoo argan waa'ee wanticha itti himuudhaan si'aayina dabalataa uumuu qabu. Daa'immanis waa'ee wanta itti himame sanaa irratti humna deebii kennuu yoo qabaatanis ta'e qabaachuus baatani waa'ee wanta itti harkifaman sanaa irradeddeebi'anii ibsuufiin baay'ee faayida qabeessadha.
- Maatiiwwan, daa'imman wantoota akka ilaalaniif, akkasumas miira isaanii akka ibsaniif kakaasuutu irraa eegama.
- Mana jireenyaafi naannawaa isaa wantoota daa'imman irratti miidhaa hin geessisneen, garuu wantoota sissi'eessaniin gurmeessuun, fakkeenyaaf waraqaalee halluwwan garaagaraa qabaniin, wantoota lallaafaniifi jajjabaataniin, qadaaddiwwan pilaastikii bishaan ittiin dhuganiin, kuduraalee, ililliiwwaniifi kanneen biroos dhiheessuun guddina daa'immanii tumsuun nibarbaachisa.

Shaakala Gochaa: Hojii Garee (Daqiiqaa Afurtamii Shan)

Mariisissaa

Sagantaan marii guyyichaa qaamawwan miiraa daa'immanii akkamitti sissi'eessuu akka danda'an mariisisuuf akka ta'e beeksisi. Sana booda, maatiiwwan garee sadiitti akka qoodaman itti himi. Tokko tokkoon garees baroota daangaa umrii sadan armaan gadii jechuunis, dhalootaa hanga waggaa tokkoofi walakkaa, waggaa tokkoofi walakkaatii hanga waggaa sadiifi waggaa sadii hanga waggaa torbaa keessaa tokko akka filatan taasisi. **Daa'imman daangaa umrii eeraman keessa jiran qaamawwan miiraa isaanii sirriitti akka fayyadamaniif akkamitti gargaaramuu qabu?** gaaffii jedhu irratti gareewwan sadanuu daangaa umrii daa'immanii filatan irratti hundaa'anii akka mari'atan taasisi.

Maatiiwwaniin gara garee garee isaanii deemuudhaan marii booda yaada garee sanii kan dhiheessu nama tokko akka filataniifi akka qopheessan itti himi.

Marii garee boodas, tokko tokkoon bakka bu'aa garee daqiiqaa sadii keessatti yaadawwan garee isaanii akka dhiheessan taasisi. Gabaasni garee tokkoo erga dhihaatee booda, hirmaattota keessaa namoonni lama yaada akka kennan yookiin gaaffii akka dhiheessan jajjabeessi.

Mariisinaan, gabaasawwan, yaadawwaniifi gaaffiwwan dhihaatan irratti yaadawwan jabeessan yookiin sirreessan kennuun sirraa eegama.

Ergaawwan Ijoo (Daqqiqaa Shan)

Mariisaa

Ergawwan ijoo dubbisiif.

- Maatiiwwan, daa'imman qaamawwan miiraa isaanii hunda fayyadamuu danda'uu isaanii mirkaneessuu qabu.
- Maatiiwwan, qaamawwan miiraa daa'immanii gabbisuudhaaf haala umrii isaaniiin walgituun dalagaalee adda baasanii sissi'eessuu qabu.

Mariisaa

Dursii ragaalee dabalataa dubbisuudhaan ibsa kenniif.

Ragalee Dabalataa Mariisaaaf Dhihaate

Guddina Qaamawwan Miiraa Daa'immanii Umriidhaan

Daa'imman Dhalootaa Hanga Waggaa Tokkoofi Walakkaa Jiran: daa'imman umrii kanarra jiran wantoota dhiheeniyatti argan hunda gara afaan isaanii gashuudhaan sakatta'uu yaalu. Daa'imman naannawaa kunuunsitoota isaanii yeroo ta'an, akkasumas uffata qulqulluufi ho'aa ta'e yeroo uffatan miira itti tolutu itti dhaga'ama. Haphisanii yeroo sukkuumaniin baay'ee isaanitti tola. Wantoota halluu qabaniifi ifanii mul'atanitti salphaatti harkifamu.

Daa'imman sagalee ol ka'aa ta'e yeroo dhaga'an, bifa itti hin tolleen yoo qabaman, uffata jiidhaa, xuraa'aafi dafqa dafqa jedhu yoo uffatan hingammadani. Daa'imman umrii isaanii irratti ji'oota muraasa yoo dabalaa deeman seeqaa nama isaanitti dhihaatu yookiin nama beekaniin

yeroo argan nigammadu. Haata'u malee, nama hinbeekneen yookiin nama dheekkamsaafi iyyaan dubbatu yeroo argan ni sodaatu, ni aaru.

Maatiiwwan yookiin guddistoonni qabxiiwwan armaan gadii raawwachuun daa'immaniin sissi'eessuu nidanda'u.

- Daa'immaniin deddeebisanii harma hoosisuun seelota naannawaa afaan isaanii jiran, kanneen ergaa dabarsan sissi'eessuu barbaachisa. Harmi haadhaa yookiin guddistuu aannan yoo hinqabu ta'ellee, daa'imman fiixee harmaatiin taphachuutiin sisi'aayina qaamaa isaan argatan faayidaa olaanaa qaba.
- Daa'imman quba isaanii akka hinyaanne dhorkuudhaan akka isaan hin sissi'oofne gochuun hin barbaachisu. Kana manna, harki isaanii qulqulluu akka ta'u gochuutu barbaachisa.
- Daa'imman ji'a ja'a yeroo guutan soorata dabalataa eegalamuu wajjin walqabatee meeshaaleen ittiin soorachuuf xuuxan si'ayina dabalataa uumu. Meeshaalee pilaastikii ittiin sooratan (sahaanii, fal'aana, meeshaa bishaan ittiin dhugan, kanneen biroos) hanga humni eeyyemeen dhiheessuufi hordofuun daa'immaniin sissi'eessuun gaariidha.
- Ilaaluu daa'immanii sissi'eessuuf bifawwan fuulaa garaagaraa fuuldura isaaniitti agarsiisuun nifilatama.
- Sagaleewwan garaagaraa baasuudhaan dandeettiwwan dhaggeeffachuu daa'immanii sissi'eessuun nidanda'ama.
- Intalsheewwan (doll) yookiin wantoota gurguddoofi ifanii mul'atan naannowwan daa'imman jiran kaa'uun faayida qabeessadha.
- Dhanna / qaama daa'immanii, keessattuu garaa isaanii, dudda isaanii, harkaafi miilla isaanii suuta/ haphisanii sukkuumuun faayidaa sissi'eessuu olaanaa ta'e qaba.
- Daa'imman ji'a ja'a erga guutanii booda miidhaa garaagaraa kanneen hingeessisne meeshaalee manaa pilaastikii, muka nikeelii kennuufiin, meeshaalee kunneen qabanii walii waliisanii walitti buusuudhaan sagalee meeshichi baasuun nibashannanu, nibaratu.

Daa'imman Waggaa Tokkoofi Walakkaatii Hanga Waggaa Sadii Jiran: daa'imman yeroo guddachaa deeman dandeettiin isaaniis duukaa guddata. Tokko tokkoon sochii isaanii galma kan qabuufii saffisni kan itti ida'ame ta'a. Daa'imman naannawaa umrii kanaatti argaman

qindoominni ijaa, harkaafi miillaa kan gabbate waan ta'eef, sochiiwwan isaaniifi hojiiwwan isaaniirraa collummaatu irraa calaqqisa.

Wantoota isaan gammachiisu adda baasuun irradiiddeebiidhaan yaaluu kan jaallatan yemmuu ta'u, namoota, wantootaafi haalawwan isaan hingammachiisne dhabamsiisuutiinis ni beekamu. Daa'imman biro wajjiniin taphachuufi wajjiniin taa'uun baay'ee gammachiisan.

Dalagaaleen armaan gadii daa'imman umrii kanarra jiraniif filatamoo waan ta'aniif, maatiiwwan hojiirra oolchuu qabu.

- Wantoota ittiin taphachuuf gargaaran hedduu dhiheessuudhaan daa'imman karaa garaagaraatiin fayyadamanii akka ittiin taphatan kakaasuu. Akkasumas, dhiheenyarra taa'uudhaan wantoota xixiqqoo gara afaan isaanii akka hingashine ilaaluun barbaachisaadha.
- Xaasawwan, qorqorroofi mukeewwan itti kennuudhaan, daa'imman akka dibbeetti gargaaramanii rukutuudhaan sagalee yeroo baasu akka bohaaraniif mijeessuun bu'a qabeessadha.
- Faaruwwan gaggabaaboo faarfachuu yookiin daa'imman wajjiniin waliin faarfachuun daa'immaniin ni gammachiisa.
- Fakkiiwwan halluwwan garaagaraa qaban, galaalchawwaniifi barruuwwan irraa barbaaduun daa'immaniif kennuu. Garuu, fakkiiwwan kunneen daa'immaniif barbaachisoo ta'uusaanii sakatta'uun barbaachisaadha.
- Daa'imman qabattanii yeroo deemtan, karaa irratti wantoota argitan afaan salphaa ta'een ibsuufiin barbaachisaadha.
- Daa'imman wajjiniin wal'aansoo walqabuudhaan, haammataniifi baatanii ofirra naannessuun, qirqiruufi taphoota xuxuqqaa qaamaa qaban kanneen kana fakkaatan birootiif affeeruun taphachiisuudhaan miira bohaarsu akka isaanitti uumu taasisuun nibarbaachisa.
- Daa'immaniin haammatanii dhungachuun, mataa isaanii yookiin gateettii isaanii sukkuumuun miirri gaarii akka itti dhaga'amu taasisa.
- Daa'immaniin bakka biqiltooti, ililliwwaniifi mukkeen jiran geessuudhaan waa'ee biqiltoota muraasaa irradiiddeebi'uudhaan itti himaa. Yeroo biraa daa'imman ofii isaaniitii waa'ee biqiltoota kanneenii ibsa akka kennan jajjabeessuun barbaachisaadha.

Daa'imman Waggaa Sadii Hanga Waggaa Torbaa Jiran: umriin kun yeroo baay'ee yeroo itti daa'imman gara oolmaa daa'immanii itti deemanidha. Guddinni qaamawwan miiraa daa'immaniis sadarkaa olaanaarra gaha. Daa'immani miira kanneen biroos ta'e kan mataa isaanii hubachuu nidanda'u. kanarraa ka'uunis deebiiwwan garaagaraa kennuu nidanda'u.

Wantoota osoo itti hin yaadiin miiraan raawwatan (wanta gubaarraa saffisaan harka ofii fageessuu) dabalataan daa'imman wayita guddina isaanii duraaniitti akka yaalaniif caalaatti jajjabeeffamaa akka turan, ammas adeemsa isaanii beekuufi qorachuun sanaan itti fufuu. Daa'imman gochawwan garaagaraa akka yaalaniif yoo hinjajjabeeffaman ta'e, yaalii gochuu dhiisuu filachuudhaan daawwattoota ta'u.

Maatiiwwan daa'imman umrii kanarra jiraniif dalagaalee armaan gadii raawwachuun yookiin xiyyeeffannoo kennuun guddina qaama miiraa gabbisuu nidanda'u.

- Daa'imman namoonni bakka isaan arguu danda'aniin ala yookiin booda isaanii jiran yeroo haasofsiisaniin deebii barbaachisaa deebisuu danda'uu isaanii hordofuu.
- Meeshaalee dhihoofi fagoo adda baasuu danda'uu isaanii mirkaneessuu qabu.
- Daa'imman sagalee ol ka'aafi wantoota ifee mul'atuuf yeroo saaxilaman miirri jeeqamuu yookiin burjaajja'uun akka irratti mul'atu hubachuun barbaachisaadha.
- Sochiin daa'immanii kan ho'e yookiin sochii boqonnaa hin qabneen kan guutame ta'uu isaa mirkaneeffamuu qaba.
- Daa'imman yeroo taphaa yookiin yeroo sochii saffisoo yookiin tiratoo, si'atoo yookiin fajajoo ta'uu isaanii mirkaneessuun barbaachisaadha.
- Daa'imman wantoota miirri ittiin ibsaman, kolfuufi seequun ala kanneen jiran akka hubataniif carraa isaa mijeessuun barbaachisaadha.
- Daa'imman haala qulqullinaafi barbaachisaa ta'een ofii isaanii of sooruu danda'uu isaanii hordofuun barbaachisaadha.
- Daa'imman kaka'umsa mataa isaaniitiin foolii/ urgaa wantootaa adda baasuu akka danda'an taasisuu barbaachisa.
- Daa'imman dhandhama hadha'aafi miya'aa, haalawwan qabbana'aafi ho'aa adda baasuu isaanii mirkaneeffamuu qaba.

Kutaa Lama: Tapha Daa'immaniifi Faayidaa Taphaa

Yeroo ramadame: Daqiiqaa Ja'atama

Taphini maaliif fayyada?

Mariisisaa			
Armaan	gaditti	waa'ee	faayidaa
taphaa qabxiilee	ka'umsaa		dhihaatan
hirmaattotaaf	dubbisaa		

- Taphini daa'immaniin barsiisuuf meeshaa murteessaadha.
- Taphini guddina daa'immaniif bu'a qabeessadha.
- Taphini daa'imman wantoota naannawaa isaanii jiran meeshaa ittiin hubataniifi ittiin sakatta'anidha.
- Wantoota haharaa karaa ittiin abjootaniifi ittiin kalaqanidha.
- Daa'imman taphaan maal akka beekaniifi maal hubachuu akka barbaadan ittiin agarsiisu.
- Taphini daa'imman karaa fedhii isaanii uumamaa ittiin guuttatanidha.
- Taphini guddinaafi barachuu daa'immanii tumsuutiin gahee olaanaa qaba.
- Taphini dandeettii hawaasummaa daa'immanii, gabbina sammuu fi guddina afaanii, akkasumas, humna kalaquu isaanii niguddisa.
- Daa'imman taphoota baay'ee taphatan milkaa'ina barnootaa bu'a qabeessa ta'e ni galmeessisu.
- Taphini qabiyyee naannolessaafi addunyaalessaa kan qabu waan ta'eef, milkaa'ina jireenya daa'imman hundaa irratti gahee furtuu ta'e taphata.
- **Kanaafi, mootummaan imaammata guddinaafi kunuunsa ijoollummaan duraa baase keessatti tapha akka bu'uuratti kan kaa'eef.**

Shaakala Gochaa: Hojii Garee (Daqiiqaa Digdama)

Mariisisaa
Marii garee dura gaaffilee kanatti aanan gaafachuun hirmaattonni hunduu marii gareetiif qophaa'oo akka ta'aniif sissi'eessuu barbaachisa. yaadawwan hirmaattota irraa ka'an gabatee gurraacha irratti barreessa.

1. Yeroo ijoollummaa keessaniitti akaakuwwan taphaa keesaa maal maalfaa taphattaniittu?
2. Taphini guddina daa'immaniitiif faayidaalee maalii qaba?

Mariisaa

Itti aansuun hirmaattonni garee sadiin akka ijaaraman taasisaa.

Seenawwan armaan gadiitti dhihaatan dura taa'ota gareetiif kennuun yookiin garicha keessa hirmaataan dubbisuu danda'u hinjiru yoo ta'e, mariisaa seenicha dubbisuun gargaaruu qaba.

Seenawwan kunneen erga dubbisanii booda, tokko tokkoon garee gaaffiwwan sadan armaan gadii irratti nimari'atu.

Hirmaattonni maricha qindeessanii qabuufi dhiheessuuf filataman, xumura marichaa booda yaada ijoo marichaa dhiheessuu akka qaban yaadachiisaa.

Hirmaattonni seenicha erga dubbisanii booda, gaaffiwwan mari'atanii deebisan

1. Daa'imman akaakuu taphaa akkamii taphachaa jiru?
2. Daa'imman akaakuu taphaa akkasii taphachuu maaliif barbaadani?
3. Faayidaalee taphootaa daa'imman taphatanii tarreessaa?

Seenaa tokko

Meetii kan jedhamtu mucaa waggaa afurri turte. **Meetii** yeroo baay'ee safara isheerraa osoo hinfagaatiin balbala mooraa isaaniirra taphatti. Guyyaa tokko akkuma amalashee osoo taphachaa jirtuu waraabessi akka tasaa dhufee jabbii xiqqoo isheen baay'ee jaallattu qabee ciniinuu eegale. Jabbiin xiqqoo kun yeroo dhalatte abbaan Meetii mucaa isaanittif eebbisanii kennaniifii turan. Haata'uyyuu malee iji ishee osoo arguu waraabessichi yeroo ciniinu waan argiteef, hirqinfattee boosse. Namoonni gurguddoo boo'icha ishee dhaga'an fiigani ga'uudhaan, waraabessicha hari'anii jabbittii harkaa buusanis waraabessichi qaama ishee walakkaa ta'u nyaatee ture. Gochi gaddisiisaan kun erga raawwatamee ji'a tokko ta'us, Meetii akkuma amala ishee balbala mooraa isaaniirra taphatti. Meetii adurree haammatee susukkuumaa waliin dubbatti. Giddu gidduutti sagalee waraabessichaa fakkeessuun, afaanshees akka waraabessichaa haala sodaachisuun

banuudhaan waan ciniinu fakkeessuudhaan adurrittiitti agarsiisti. Itti aansuudhaanis, “Hinbadduu waraboo, asii hinbadduu!” jechuun, sochii waraabessa hari’uu fakkaatu taasisti. Adurrittiis,boo’ii keessa keeseen. Haata’u malee, adurrittiinis boo’icha keessaa ba’uudhaan fiigdee deemte.

Seenaa Lama

Umriinsaa waggaa shan kan ta’e Gadaan, lakkuu isaa kan taate Boontuu wajjin taphachuun itti tola. Boontuufi Gadaa akka haadhaafi abbaa ta’uudhaan qoda qodaa ni taphatu. Taphini isaaniis kana fakkaata ture.

Gadaa: “sii, kootiin koo eessa jira?”

Boontuu “Keeyyana manaa irratti fannifamee jira.”

Gadaa: “Miicciteetta?”

Boontuu: “Hojiin manaa na jalaa dhumuu didee hinmiiccine. Galgalan miicca.”

Gadaa: “Maal ati kan gatii hinqabne! Ajaja koo hin kabajjuu! Ganama yeroon ba’u akka miiccitu sitti himee hin turree? Baay’ee dadhabduudha ati.” jedhe sagalee dheekkamsatiin.

Boontuu: “Ihii! Maal gochuun danda’a ? Hojii manichaa yoo ta’e hin dhumu. Bosona deemee baala funaaneen dhufe. Mana baaburaas midhaan daaksisuun deeme. Achii deebi’ee immoo biddeena irbaataaf ta’un tolche, ittoos nan hojjedhe. Maaloo, hanga ati irbaata kee nyaattutti ani immoo jaakkettii keen siif miicca.” Jettee, haala qabbaneessuunii danda’uun suuta itti dubbatte.

Gadaa: Baay’ee aaruudhaan arcumme qabatee sodachisaanii, “ Dadhabduu wayii. Kan gatii hinqabne. Ajaja koo maaliif hin raawwattu? Waan hundaa ol ajaja koo akkamitti akka raawwachuu qabdu sittin agarsiisa.” jechuun Miimmii arcummichaan akka reebuu taasisuun itti bubu’e.

Boontuui: “Maaloo adaraa kee nan reebiin! U U U najjeese! Maaloo na dhiisi!” jechuun iyyuu eegalte.

Gadaa: “ Amma na fiilduraa deemii uffata koo miicci. Waan kamiyyuu caalaa ajaja koo raawwachuu qabda. Akka hin irraanfanne ulee kana.”

Seenaa Sadii

Hayileefi Biraanuun wal cina ta'uudhaan cirrahaan taphachaa turan. Taphini isaaniis kana fakkaata ture.

Duulaa: “Cirracha sadii naaf kenni?”

Ifaa: “Tokko, lama, sadii . . . hoodhu”

Duulaa: “Isaan kanammaa hinbarbaadu. Warra gugurraachan barbaada.”

Ifaa: “lakki, warra gugurracha immaa anis nan barbaadaani.

Konkolaatotaafan gommaa taasisaani. Akka konkolaataa achi dhaabbate sanaa.”

Duulaa: “Tole homaa miti, dhiisi . . . Anis konkolaataa guddaan hojjedha.”
jechuun dallanee dubbate.

Marii Waliinii

Mariisisaa

Tokko tokkoon bakka bu'aa garee, daqiiqaa sadii keessatti deebiwwan garichaa akka dhiheessan taasisaa. Miseensonni garichaa karaa garaagaraa yaada isaanii dhiheessuu nidanda'u. harka caalu tokko tokkoon seenichaa keessaa qabxiileen dimismisaa'anii mul'achuu danda'an keessaa kanneen armaan gadii keessatti argamu.

- **Seena Tokko** Meetii ta'iinsa rifachiisaa mudateenii booda, taphaan haalicha deebistee agarsiisuu yeroo yaaltu mul'ata. Kanaanis, miira ulfaataa itti dhaga'ame ibsuudhaan boqonnaa argachuudhaaf yaalaa jirti.
- **Seenaa Lama** Gadaafi Boontuun waan mana isaanii jiruufi haala haadha isaaniifi abbaa isaanii deddeebisanii argan tapha fakkeessanii taphachuutiin/ tapha qoda qodaatiin/ yeroo calaqqisiisan hubachuun nidanda'ama.
- **Seenaa Sadii** Ifaafi Duulaa adeemsa tapha kanaan dandeettii dubbii isaanii guddifachuuf, beekumsa halluwwaniifi bocawwanii gabbifachuuf, akkasumas, lakkoofsa lakkaa'uu, akaakuufi faayidaa meeshaalee (gommaa) addaan baasuuf gargaareeraani.

Ergawwan Ijoo (Daqiiqaa Shan)

Mariisaisaa

Ergawwan ijoo dubbisaafii.

- Taphini guddina daa'immanii bifa guutuu ta'een saffisiisuufi dandeettii kalaquu isaanii guddisuun gahee olaanaa ni taphatu. Daa'imman adeemsa taphaa keessatti jechoota haharaa nibeeku. Caasluga nibaratu. Akkasumas, dabaree eeggatanii dubbachuus ni shaakalu.
- Taphini fakkaatanii taphachuu dandeettii hawaasummaa daa'immanii ni gabbisa. Ija nama birootiin haalawwan akka hubatan gargaara. Jechoota waliin dubbachuufi rakkoolee hiikuuf gargaaran (maaloo qodaa sana natti hiixadhu, al tokko meeshaa taphaa isa sanaan akkan taphadhu naaf eyyemiifi k.k.f.) akka itti fayyadaman gargaara.
- Taphini daa'imman mudannoowwan yaraa isaan mudateefi haalawwan dhiphisoo ta'an ni salphisa yookiinis ni yaala.
- Taphini dandeettii rakkoolee hiikuu daa'immanii ni guddisa.

Raga Dabalataa Mariisisaaf Dhihaate

Faayidaalee Taphaa

- Taphini guddina qaamaa ni gabbisa.
- Daa'imman nageenyi akka itti dhaga'amu taasisa.
- Taphachuun fayyummaa daa'immanii mirkaneessuun alattis wantoota garaagaraa akka barataniif carraa uumaaf.
- Waliigaltee saffisiisa, daa'imman biroo wajjinis hariiroo fayyaalessa ta'e akka qabaatan dandeessisa.
- Yaaduu akka danda'aniifi rakkoolee akka hiikaniif gargaara.
- Qindoomina harkaafi ijaa ni gabbisa.
- Maashaalee gurguddaafi xixiqqaa qindeessuufi to'achuu akka danda'an gargaara.
- Daa'imman wantoota naannawaa isaanii jiran karaa mataa isaaniitiin akka uumaniin gargaara.

- Daa'imman waa'ee bocaa, hangaa, ulfaatinaa, hojjaa, walbira qabuufi dandeettii herregaa biroo akka gabbifatan gargaara.
- Daa'imman murtowwan akka murteessan, rakkoo hiikuu akka shaakalan, waliin ta'anii akka wal tumsan, akka karoorsaniifi akka mari'ataniif gargaara.
- Daa'imman miira isaaniifi yaada isaanii walaba ta'anii akka ibsaniif gargaara.
- Arga yaadaafi kalaqa ni jajjabeessa.
- Taphini fayyisaa miiraa murteessaa ta'edha. Keessumattuu, daa'imman jeeqamuu/ rifannaan miiraa irratti mul'atuuf, taphini miira keessa jiranii akka ba'aniifi akka tasgabba'aniif gargaara.
- Daa'imman miirawwan isaanii garaagaraa bifa fayyaalessa ta'een akka ibsaniif gargaara.
- Xiyyeeffannoo daa'immanii ni guddisa. Humna ajajawwan eeguufi raawwachuun isaaniiis ni fooyyessa.
- Daa'imman waa'ee wantoota walfakkaataniifi adda adda ta'anii akka beekaniif gargaara.
- Dubbisuufi barreessuu saffisaan akka barataniif gargaara.
- Beekumsa daa'immanii ni bal'isa.
- Daa'imman taphaan dhugaa addunyaa kanaatiin wal baru.
- Daa'imman yeroo taphatan mataa isaanii walabummaan ibsuuf, waan barbaadan filachuuf/ raawwachuuf, sakatta'uuf, kalaquuf, wantoota yaaluufi kallattii taphichaa murteessuuf humna ni qabaatu.
- Taphini arga yaadaa daa'immanii guddisuudhaan gahee olaanaa ni taphata.
- Taphini daa'immanii wantoota baay'ee haammachuun, jechuunis dalagaalee naannawaa sakatta'uu, dandeettii afaanii sakatta'uu, rakkoo hiikuufi dandeettii hawaasummaa guddisuu ni qabata.
- Daa'imman taphaan mataa isaanii dandeettiwwan baay'eedhaan gabbisaa ni deemu.

Marii Afur: Akaakuwwan Taphaa

Yeroo Ramadame: Daqiiqaa Ja'atama

Mariisisaa

Daa'imman haala umrii isaaniitiin taphoota garaagaraa filachuu nidanda'u. sadarkaan guddina sammuufi qaama daa'immanii, akaakuwwan tapha filataniifi taphatanii ni murteessa. Aadaafi naannawaa kam keessattuu, taphoota akaakuu hedduutu argamu. Naannawaa garaagaraatti

taphini walfakkaatu jiraatus, akka aadaa naannichaatti taphoonni daa'immanii adda addaa ni jiraatu.

Shaakala Gochaa : Hojii Garee (Daqiiqaa Afurtama)

Mariisisaa

Aadaafi naannawaa kam keessattuu, taphoota akaakuu hedduutu argamu. Naannawaa irraa naannawaatti walfakkaachuun taphaa jiraatus, akka aadaa naannichaatti taphoonni adda addaa nijiraatu.

Marii garee kanaan maatiiwwan akaakuwwan taphaa umrii daa'immaniin walbira qabanii ni xinxalu.

Hirmaattota garee sadiin ijaaruu.

Gareen tokko daa'imman dhalootaa hanga waggaa tokkofo walakkaa jiran taphoota isaan yeroo baay'ee taphatan ilaalchisuun nimari'atu. Gareen lammaffaa, daa'imman waggaa tokkoofi walakkaatii hanga waggaa sadii jiran taphoota isaan yeroo baay'ee taphatan ilaalchisuun ni mari'atu. Gareen sadaffaa immoo daa'imman waggaa sadii hanga waggaa torbaa jiran taphoota isaan taphachuu baay'isan ilaalchisuun ni mari'atu.

Bakka bu'oonni garee yaada ijoo garichaa akka gabaasan haa ta'u.

Gaaffiwwan Marii Gareetiif

1. Daa'imman naannoo umrii kanaa jiran, taphoota maal maal taphachuu baay'isu?
2. Isin yeroo umrii kanarra turtan, daa'imman taphoota akaakuu maal maal taphatu turan?

Marii Waliinii

Mariisisaa

Yeroon marii gareetiif kenname yegguu xumuramu, bakka bu'oonni gareewwanii waa'ee

deebiiwwan garichaa daqiiqaa sadii keessatti ibsa gabaabaa akka kennan taasisaa.

Dabalataanis, tokko tokkoon garee naannoo umrii daa'immanii itti ramadamaniin walbira qabuun tapha bakka bu'uu danda'u tokko filuun akka haadhaafi mucaa ta'uudhaan bifa taphaatiin akka agarsiisan jajjabeessuu barbaachisa.

Xumura sagantaa marii kanaa irratti, raga dabalataa mariisisaaf kaa'ame dubbisuudhaan hirmaattotaaf yaada caalaatti jabeessu kennuun barbaachisaadha.

Ergawwan Ijoo (Daqiiqaa Shan)

Mariisaa

Ergawwan ijoo dubbisaafii

- Taphini sadarkaa guddina qaamaa, sammuu, hawaasummaafi miira daa'immanii agarsiisa. Dabalataanis, taphini kaka'umsa kalaqaafi fedhii daa'immanii akeeka.
- Daa'imman dhalootaa hanga waggaa tokkoofi walakkaa jiran qaama miira isaanii fayyadamuun taphachuu filatu.
- Daa'imman waggaa tokkoofi walakkaatii hanga waggaa sadii jiran qodaa walitti qabuudhaan, kaasuufi gatuudhaan, meeshaalee babal'aa keessa gashuufi gadi itti naquudhaan taphachuu jaallatu.
- Tapha fakkaatanii taphachuu, jechuunis haadha, abbaafi ogeessota biroo fakkaatanii taphachuu daa'imman waggaa sadii ol jiran kan jaallataniifi yeroo baay'ees taphatanidha.

Ragaa Dabalataa Mariisisaaf

Akaakuwwan Taphaa Umriidhaan

Daa'imman taphaan dhugaa addunyaatiin walbaru. Daa'imman yeroo taphatan mataa isaanii walabaan ofi ibsuu, waan barbaadan filachuu/ hojjechuu, sakatta'uu, kalaquu, wantoota yaaluufi

kallattii taphichaa murteessuuf humna niqabaatu. Taphini arga yaada daa'immanii guddisuun gahee olaanaa ni taphata.

Taphini daa'immanii waan baay'ee haammachuun, jechuunis dalagawwan naannawaa sakatta'uu, dandeettii afaanii sakatta'uu, rakkoo hiikuufi dandeettii hawaasummaa guddisuun niqabata.

Taphoota irratti daa'imman ofii isaanii dandeettii hedduutiin gabbisaa ni adeemu. Daa'imman haala umrii isaaniitiin, taphoota garaagaraa filachuu nidanda'u. Sadarkaan guddina qaamaafi sammuu daa'immanii, akaakuwwan taphaa filataniifi taphatanii murteessa.

Akaakuwwan Taphaa Daa'imman Dhalootaa Hanga Waggaa Lamaa Jiraniif

- Qaama isaanii ajajuu, jechuunis mataa isaanii to'achuu, gangalachuu, rukuchuufi daa'imuu eegalu.
- Harki isaanii keessumaayyuu qubni isaanii saffisaan gabbachuun meeshaalee qabuu eegalu.
- Harkaafi ija isaanii fayyadamuun naannawaa isaanii nisakatta'u. Daa'imman daa'imuu yeroo jalqaban kallattiwwaniin socho'uudhaan naannawaa isaanii nisakatta'u. Wantoota harkisuun yookiin qabachuun ka'uuf yaalii taasisu. Itti aansuunis, deemuu eegalu.
- Harka caalu meeshaalee wajjin taphachuu jaallatu.
- Dandeettiwwan isaanii afaan duraa sakatta'uuf, sagaloota isaan gargaaran baasaniifi deebii kennuun bashannanu.
- Daa'imman namoonni yeroo dubbatan bifa fuulaa agarsiisan, haala sagalee itti baasan, akkasumas humnaafi saffisa dubbii isaanii ilaaluudhaan maal jechuu akka barbaadan hanga tokko hubachuu niyaalu.
- Taphini daa'immaniif waa'ee ijaarsa himaa akka barataniif carraa gaarii uumaaf. Yeroo taphaa maqaa meeshaalee itti gargaaramanii yeroo waamamu dhaga'uufi deebisaniif waamuudhaan kuusaa jechootaa isaanii niguddifatu.
- Daa'imman fedhii isaanii agarsiisuuf, waliigaltee uumuuf, yaada isaanii qooduuf, tapha akka meeshaatti fayyadamu.
- Daa'imman fakkii isaanii daawwitii keessatti ilaalaa, isaa wajjin taphachuun nibashannansiisaan.

- Taphini naannoo umrii kanaatti argamu, caalmaatti sochiiwwan qaamaa kan keessatti mul'atu, qaamawwan miiraa kan hirmaachisuufi naannoo sakatta'uu irratti kan xiyyeeffannoo taasisudha.
- Daa'imman sagaleewwan baasuu yaaluun alatti, dabalataan maatiwwan/ guddistoota wajjiniinis waljijjiirraa sagalee taasisuun nigammadu.
- Daa'imman hanguma guddachaa deemaniin, duraa duuba taphoota keessa jiran nihubatu.
- Meeshaalee funaanuun bakka tokko kaa'uu, deebisaniis bittinsuu ni eegalu.
- Kunis, tapha fakkaatanii taphatamuuf akka jalqabbii duraatti lakka'ama.
- Daa'imman jalqaba daa'imman itti dhihoo jiran fuulle taa'uudhaan tapha mataa isaanii taphachuu eegalu.
- Adeemsa keessas waliin taphachuu shaakalu.

Sadarkaan xiyyeeffannoo daa'immanii baay'ee gadaanaa waan ta'eef, meeshaalee isaanii kanneen birootiif qooduu hin eyyeman. Kanaafuu, daa'imman gargaarsa maatiin/ guddistootaan meeshaalee akka waliif qoodaniif gargaaruun barbaachisaadha.

Akaakuuwwan Taphaa Daa'imman Waggaa Lamaa Hanga Waggaa Sadii Jiraniif

- Daa'imman naannoo umrii kanaa jiran kanneen biroon yeroo walbira qabaman dandeettii saffisaan hubachuu, dandeettii afaanii fooyya'aa, meeshaalee gurguddaafi xixiqqaa gabbateefi hariiroo hawaasummaa gabbate qabu.
- Humna tapha arga yaadaa dalaguu dandeessisu niqabaatu. Humni gabbataa kun arga yaadaa daa'immanii bal'isuuf nigargaara.
- Daa'imman akka abbaa, haadhaa, akaakayyuu/ akkoo, ogeessa fayyaa, barsiisaa, daldalaa, waraabessaa, adurreefi kanneen biroos fakkaatanii taphachuuf niyaalu.
- Daa'imman taphichaan addunyaa mataa isaanii uumuuf, aadaa isaanii, eenyummaa isaanii hanga tokko dhageessisuuf itti fayyadamu.
- Argi yaadaa daa'immanii caalaatti mul'achaa kan adeemu, akkaataa daa'imman biroo itti ilaalan yookiin itti dhihaatan ilaalu yeroo jalqabanidha.
- Harki caaluu taphoonni fakkaatanii taphachuu jiraanya maatiirraa kan maddanidha.
- Taphoonni daa'immanii tokko tokko qoodattoota oduu durii daa'imman dhaga'anirraa fudhatamanii fedhii ijoollittiitiin jijjiiramani dhihaachuu danda'u.

Akaakuwwan Taphaa Daa'imman Waggaa Sadii Hanga Waggaa Torbaa Jiraniif

- Daa'imman naannoo umrii kanaa jiran dalagaalee jireenya dhugaa keessa jiraniifi (nyaata bilcheessuu, meeshaalee ijaaroo/ hojjechuu) taphoota arga yaadaa irratti xiyyeeffatu.
- Taphoota kanneeniin daa'imman dandeettii gareetiin hojjechuu gabbisuufi faayidaa seerota hordofuus nibaratu.
- Daa'imman umrii kanarra jiran haala guddina sammuu isaaniirraa ka'uun haalawwan, bocawwaniifi hangawwan adda baasuu, duraa duubummaa hubachuu, hariiroo baaqqeefi guutuu hubachuu, humna wantootaa adda baasuu nigabbifatu.
- Keessattuu dandeettii kana gabbisuuf, daa'imman meeshaalee naannawaa isaaniitti argaman sakatta'uufi taphoota ijaarsaa taphachuuf muuxannoo qabaachuu qabu.

Tapha Daa'immanii Deggeruuf Gahee Maatii/ Guddistootaa

Yeroo Ramadame: Daqiiqaa Ja'aatama

Taphini guddina waliigalaa daa'immanii gabbisuuf gahee bakka hin bu'amne qaba. Maatiiwwan fedhii daa'immanii adda baasuutii eegalanii meeshaalee taphaaf isaan gargaaran naannoo isaaniitti dhiheessuudhaan fedhii taphaa daa'immanii guutuun irraa eegama.

Daa'immaniif mana yookiin mooraa keessatti bakka meeshaaleen taphaa kaa'amu qopheessuufi mija'aa gochuudhaan walabaan akka burraaqaniif carraa uumuun barbaachisadha. Akkasumas, daa'immanii wajjin waliin taphachuudhaan jajjabeessuun barbaachisaadha.

Shaakala Gochaa: Hojii Garee (Daqiiqaa Afurtama)

Mariisisaa

Maatiiwwan yookiin guddistootifedhii taphaa daa'immanii bifa kamiifi akkamitti akka deggeran marii kana keessatti bal'inaan akka ka'u eeruudhaan hojii garichaa dura gaaffilee ka'umsaa sadan armaan gadii dhiheessuun hirmaattota hanga tokkorraa deebii funaanuun isinirraa eegama.

1. Mucaa ji'a sadii guddina qaamaa isaa gabbisuuf tapha akaakuu akkamii taphachiistu?
2. Daa'imman waggaa tokkoofi walakkaatii hanga waggaa sadii jiran guddina hawaasummaa isaanii tumsuuf tapha akaakuu akkamii taphachiistu?
3. Mucaa waggaa ja'aa dandeettii yaadachuu isaa gabbisuuf tapha akaakuu akkamii

taphachiistu?

Maatiiwwan yookiin guddistooti tapha daa'immanii deggeruudhaaf dandeettii isaan dandeessisu gabbisachuudhaan guddina ijoollee tumsuun barbaachisaa akka ta'e hirmaattotatti himaa.

Marii kanaan taphini daa'immanii garaagaraa karaalee ittiin deggeraman akka ilaalan itti himuu.

Mariisaa

Hojii garichaatiif akka mijatutti hirmaattota garee sadiitti ijaaruu.

Gareen tokko daa'imman dhalootaa hanga waggaa tokkoofi walakkaatti jiran ilaalchisee, gareen lammaffaa daa'imman waggaa tokkoofi walkkaatii hanga waggaa sadii jiran ilaalchisee, akkasumas gareen inni sadaffaa immoo daa'imman waggaa sadii hanga torbaa jiran ilaalchisee gaaffilee armaan gaditti eeraman irratti ni mari'atu.

Bakka bu'oonni gareewwanii yaadawwan ijoo marichaa akka gabaasan haa taasifamu.

Gaaffiwwan Marii Garee

1. Guddina qaamaa daa'immanii gabbisuuf taphoota akaakuu akkamii jajjabeessitu? Guddina afaanii gabbisuuf hoo? Guddina hawaasummaa gabbisuuf hoo? Guddina sammuu gabbisuuf hoo taphootaa akaakuu akkamii jajjabeessitu?
2. Akaakuwwan guddinaa armaan olitti eeraman gabbisuuf meeshaalee taphaa akaakuwwan akkamii meeshaalee naannawaatti argamaniin oomishuu dandeessu?

Marii Waliinii

Mariisaa

Yaadawwan ijoo marii garichaa bakka bu'oonni akka dhiheessan taasisaa. Tokko tokkoon gareetiif daqiiqaan sadii haa kennamu. Yaadaafi gaaffiin hirmaattota irraa dhihaatu yoo jiraate, gabaasa gareeti aansuudhaan hirmaattota sadiif carraa kennaa.

Yaadawwaniifi gabaasawwan dhihaatan irratti mariisaa yaad-deebii haa kennani. Gaaffiwwan dhihaataniifis deebii haa kennani. Ragaaleen kennaman ragaa sanada kana keessa

jiruu wajjin kan walfakkaatu ta'uu qaba.

Ergawwan Ijoo (Daqiiqaa Shan)

Mariisaa

Ergawwan ijoo hirmaattotaaf dubbisaa.

- Maatiiwwan yookiin guddistoonni mana isaanii yookiin mooraa isaanii keessatti, kan daa'imman itti taphachuu danda'an, bakka qulqulluu, balaarraa kan marfame, mijataa kan ta'eefi meeshaalee taphaa kan of keessaa qabu qopheessuun irraa eegama.
- Daa'immaniif meeshaalee taphaa, meeshaalee naannawaatti argamanirraa oomishuun barbaachisaadha.
- Maatiiwwan yookiin guddistooti daa'imman akka taphoota taphatan jajjabeessuu. Al tokko tokkos duukaa taphachuudhaan isaan waliin ta'uu isaanii agarsiisuu qabu. haata'u malee, taphoonni hunduu fedhiifi filannoo daa'immanii irratti kan hundaa'an ta'uu qabu.
- Maatiiwwan yookiin guddistooti guyyuu guyyuun daa'imman haala gahaa ta'een akka taphatan, bakka nageenyi isaa eegame akka taphataniifi yeroo hunda itti dhiheenyaan deggersiifi hordoffiin maatii jiraachuusaa madaaluun isaan barbaachisa.
- Maatiiwwan yookiin guddistooti tapha ijoollee isaanii yeroo yaadan qabxiwwan armaan gadii ilaalu barbaachisa.

Ijoolleen nitaphatuu? Akkamittiin kan taphatan? Ijoolleen koo akka taphataniif jajjabeessaan jiraa? Yookiinis xiyyeeffannoo hin kennuufii? Meeshaalee taphaa gahaa/ barbaachisaa ta'e akka argatan taasiseeraa? Manni koofi manni barnootaa ijoollee koo taphaaf mijaa'oodhaa? Ijoolleen koo guyyuu guyyuun yeroo isaanii harka caalu taphaan dabarsuuf wanta mija'aa ta'e qabuu?

Ragaa Dabalataa Mariisaa

Waa'ee Meeshaalee Taphaa Haala Gahaa Ta'een Dhiheessuu

Taphini wantootaa walxaxoofi baasii baay'ee kan hin barbaadneefi barnootaafi guddina daa'immanii guddisuuf meeshaa bu'a qabeessummaan isaa olaanaa ta'edha. Ogeessonni guddina daa'immanii baay'een isaanii, meeshaaleen taphaaf daa'immaniin tajaajilaniin mana keessaafi naannawaa irraa kan argaman yegguu ta'an, kanneen gabaarraa argaman immoo meeshaalee naannawaarraa argamaniin haala salphaatiin qopheessuun akka danda'amu ibsu. Maatiiwwan ogeessota ogumaa naannawaatti argaman haasofsiisuudhaan meeshaalee deggersaa oomishuu akka gargaaraniin taasisuu kan danda'an yemmuu ta'u, naannawaa isaaniittis daa'immaniif mana/ bakka taphaa qopheessuudhaan hojii qinda'aa ta'e hojjechuu nidanda'u.

Daa'imman Dhalootaa Hanga Waggaa Tokkoofi Walakkaa Ilaalchisee

Xiyyeeffannoon taphaa, daa'imman naannoo umrii kanaa jirani harka caalu kan inni irra naanna'uu sochii qaamaafi (qubootq, miillotaafi qaamolee namaa kanneen biroo sociilee garaagaraaf fayyadamuu) afaan dubbii gabbisuu irrattidha. Dabalataanis, dandeettii hariiroo hawaasummaafi hanga xiyyeeffannoo kanneen gabbisan, akkasumas wantoota haharaa sakatta'uufi yaaluu irratti dalagaalee hundaa'an irrattis nixiyyeeffatu.

Daa'imman naannoo umrii kana jiran, yeroo taphatan hordoffii namoota gurguddaa isaan barbaachisa. sababni isaas, meeshaalee ittiin taphatan salphaatti gara afaan isaanii gashuudhaan ukkaamamuu yookiin miidhamuu danda'u.

Dhalootaa Hanga Ji'a Sadii

- Huccuulee/ waraqaalee halluwwan garaagaraa qaban bakka daa'imman arguu danda'an irratti fannisuu.
- Faaruwwan haala tasgabba'aa ta'een faarfachuu.
- Wantoota sosocha'an akka ilaalan taasisuu. Fakkeenyaaf, fiildura daa'immaniirra gara bitaafi gara mirgaatti deddeebisuu.
- Qaamawwan isaanii xuxxuquu – yeroo faaruun faarfamu haala rukutaa faaruchaa hordofuun barruu miilla daa'immanii rukuchaa faarfachuu.

Ji'a Sadii Hanga Ji'a Ja'aa

- Sagantaa faaruu dhaabbataa ta'e baasuudhaan, faaruu sochiin qaamaa kan itti makame faarfachuu.
- Midhaan garaagaraa koddaa sibiilaa xinnoo ta'e keessatti naquudhaan daa'imman biratti/ booda isaaniitiin kosh kosh kosh gochuudhaan sagalee dhageessisuu. Daa'immanis gara sagalicha dhaga'anitti garagaluu isaanii hordofuu.

Ji'a Ja'aa Hanga Ji'a Sagalii

- Intalshee (doll) isaan baran kutaa tokko keessa dhoksuun, wajjiniin ta'uudhaan kutaalee keessa barbaaduu.
- Kubbaa ifee mul'atuufi salphaa ta'e gara daa'immaniitti konkolaachisuun, dhaabbisuu akka yaalaniifi deebisanii akka konkolaachisan shaakalsiisuu.
- Intalsheewwan (dolls) sagalee dhageessisan bakka daa'imman irra deeman irra kaa'uudhaan akka irra ejjetaniifi sagaleen yeroo ba'u deddeebisanii akka irra ejjetan jajjabeessuu.
- Midhaan garaagaraa koddaa sibiilaa xinnoo qadaaddii qabu keessa naquun, daa'immanitti kennuudhaan akka isaan sosochoosan taasisuun, sagalee uumamuun akka sissi'atan gargaaruu.
- Taphoota kanneen akka dhokachoo yookiin si argee taphachiisuu.
- Intalshee (doll) salphaafi mijataa ta'e huccuwwan hintajaajilerraa qopheessuu.
- Meeshaalee pilaastiikaa jechuunis, fallaana, sahaanii ittiin soorataniifi kanneen biroos dhiheessuu.

Ji'a Sagalii Hanga Ji'a Kudha Lamaa

- Meeshaalee sagalee baasan dhiheessuu – meeshaalee sibiilarraa hojjetaman walii waliisaanii walitti buusuun sagaleesaatiin akka sissi'atan taasisuu.
- Qodaa bishaan harkaa ittiin buusan xinnoofi qulqulluu ta'e keessatti bishaan naquun, wantoota bishaan irra bololi'an (float) kanneen akka ililli pilaastikaa, qoorkeewwaniifi wantoota biroo bishanicharra gochuudhaan, daa'imman wantoota bishaanicharra bololi'an kanneen qabuuf yaalii akka taasisan jajjabeessuufi hordofuu.

- Daa'immaniin sarbaarra ka'uun oduu durii itti himuu – oduu durii kitaabileerraa yookiin uumuudhaan bifa ta'iinsa isaa agarsiisuu danda'uun seenessuu. Keessattuu, jechootaafi gaaleewwan irradiiddeebi'uun, jechuunis fiigee . . . fiigee . . . fiigee . . . , sii . . . sii . . . sii fi kanneen kana fakkaatan fayyadamuun xiyyeeffannoo akka kennan taasisuu.
- Faaruu daa'immanii faarfachuu.
- Jalqaba intalshee (doll) agarsiisuu. Sana booda, intalshee kana fookaa jala yookiin uffata halkaniitiin haguuguun barbaadani akka argan gargaaruu.
- Daa'immaniin bakka bashannanaa geessuudhaan margarraafi lafa gogaarra daa'immuun garaagarummaa isaa akka beekaniif carraa uumuu.
- Huccuwwan hintajaajillerraa intalsheewwan (dolls) hojjechuun akka itti taphatan taasisuu.
- Fallaana, kubbaayyaa, sahaanii pilaastikarraa hojjetaman dhiheessuu.
- Dhokachoo taphachiisuu.
- Waraqaalee walitti qabani micciiruufi ciruu – daa'imman akka hinyaanneef hordoffii taasisuun barbaachisaadha.
- Tapha bishaanii – ispoonjii, kubbaayyaa ittiin bishaan buddussan, bishaan meeshaa dhooqaa ta'etti dhiheessuun taphachiisuu.
- Kubbaa wajjiniin taphachuu.
- Kaartoonii gurguddaa bakka daa'imman irra deeman irra kaa'uun, keessa hulluuqanii akka darban jajjabeessuu.
- Qirqiruu . . . darbee darbee daa'immaniin qirqiruun taphachiisuu. Garuu, hin barbaadan yoo ta'e yeroosuma dhaabuu.
- Intalsheewwan (dolls) hojjechuun taphachiisuu.
- Saanduuqa sagalee qopheessuun, sosochoosuudhaan sagalee baasuun akka taphatan taasisuu.

Daa'imman Waggaa Tokkoo Hanga Waggaa Sadii Jiran

Daa'imman naannoo umrii kanaa jiran bakkawwaniifi meeshaalee itti taphatan barbaadu. Maatiiwwan yookiin guddistoonni daa'immaniif bakka isaan itti taphatan, qulqulluu kan ta'e, nageenyisaa kan eegameefi meeshaaleen taphaa gahaa ta'e kan itti argaman bakka osoo qopheessaniifii gaarii ta'a. maatiiwwan yookiin guddistoonni daa'imman akka

taphatan jajjabeessuuniifi dinqisiifachuuniin, darbee darbees wajjiniin taphachuun jajjabeessuu qabu. Haala kamiinuu taphoonni fedhiifi filannoo daa'immaniin akka gaggeeffamu taasisuun kan barbaachisu yeroo ta'u, kunis daa'imman yaada mataasaanii akka maddisiisan, rakkoo hiikuu akka danda'aniifi dandeettiwwan afaansaani akka gabbisan nigargaaraani. Dabalataanis, bakka taphaa qophaa'eefitti yoom akka taphatan itti himamuu qaba. Daa'imman caalaatti ijoollee biroo wajjiniin akka taphataniif jajjabeessuun nibarbaachisa.

Daa'imman naannoo umrii kanaatti argamaniif meeshaaleen taphaa tajaajilan

- Qaruurawwan pilaastiikaa, ashowaa, safartuuwwan pilaastiikaa
- Intalsheewwan garaagaraa huccuurraa, waraqaarraa, baalleerraafi (kochoorraafi) wantoota kana fakkaatanirraa kan hojjetaman.
- Meeshaalee taphaa halluwwan garaagaraa qabaniifi walkeessa gaggalan (waraqaalee, meeshaalee taphaa ijaarsaa) qopheessuu.
- Meeshaalee sagalee muuziiqaa garaagaraa dhageessisan (Fakkeenyaaf: xaasaa, qorqorroo halluwwaniifi meeshaalee taphaa kanneen biroo maatiiwwan meeshaalee naannawaatti argaman irraa hojjechuu nidanda'u. Dabalataaniis, barsiistotaafi namoota ollaatti argaman tokko tokkorraa meeshaalee taphaa akkamitti akka hojjetan muuxannoo fudhachuu nidanda'u.

Daa'imman Waggaa Sadii Hanga Waggaa Torbaa Jiran

- Meeshaalee taphaa alaa, riqaa, hidda utaalchoo, kubbawwan, sanduuqawwaniifi meeshaalee sosocha'an biroo.
- Geemota loottoo, fakkiwwan beekamoo, bocawwan, qubeewwan, lakkoofsawwaniifi maqaalee daa'immanii fayyadamuu.
- Paziloota, fakkiwwan naannawaa isaaniitiif keessummaa hintaane garaagaraa, galaalcharraa, barrullewwaniifi maddawwan biroorraa funaanuudhaan, kaartooniirratti maxxansuun bakka sadiitti yookiin afuritti kukkutuudhaan akka paziliitti qopheessuu.

- Dhoqqee waraqataa (paper mash) – waraqaalee hinfayyadne bukeessuun bocawwan garaagaraa qopheessuu.
- Tapha fakkaatanii taphachuuf meeshaalee qopheessuu – wayyaa dullooman kukkutuun kooffiyyaa, marxoo, intalsheefi kanneen biroos qopheessuu.
- Qanqalloo asmaatii – akaakuulee meeshaa garaagaraa dabareedhaan qanqallicha keessa gashuudhaan, daa'imman osoo meeshicha hin ilaaliin harka isaanii gashuudhaan qaqqabanii akaakuu meeshichaa adda baasuu.
- Meeshaalee og-bareedinaa – dhoqqee, meeshaalee fakkii ittiin kaasan, waraqaa.
- Kitaabilee – oduu duriiwwan daa'immaniin/ barsiistotaan qophaa'an, oduu duriiwwan mana maxxansaatti qophaa'anii ba'an, galaalchawwaniifi barruulee daa'immaniin gitan.
- Meeshaalee muuziiqaa – daa'imman koddaarraa, xaasaarraa, mukarraafi kanneen biroorraa meeshaalee muuziqaa qopheessuu.
- Meeshaalee ijaarsaa – xaawulaa, qoorkii, qadaaddii koddaa pilaastikaafi wantoota biroos fayyadamuun nidanda'ama.

Maatiiwwan/ guddistooti tapha ijoollee isaanii yeroo yaadan qabxiilee armaan gadii yaaduu qabu.

1. Ijoolleen nitaphatuu? Akkamitti taphatu?
2. Ijoolleen akka taphataniif jajjabeessaan jiraa yookiinis xiyyeeffannoo isaaniif hin kennuu?
3. Meeshaalee taphaa gahaa/ barbaachisaa ta'e akka argatan nan taasisaa?
4. Manni keenyaafi manni barnootaa ijoollee taphaaf mijataadhaa?
5. Ijoolleen guyyu guyyuun, yeroo isaanii harka caalu taphaan dabarsuu kan isaan dandeessisu wanti mijataa jiraa?

Kutaa Sadii : Dandeettii Kalaquu Daa'immanii Gabbisuu

Marii Ja'a : Dandeettiin Kalaqaa Guddachuun Faayidaa Guddina Daa'immaniif Qabu

Yeroo Ramadame : Daqiiqaa Ja'aatama

Mariisisaa

Daa'imman tokko tokko uumamaan naannawaa isaanii beekuuf fedhii guddaa qabu. daa'imman

harki caalu naannawaa isaanii beekuuf fedhiin olaanaa akka isaanirra buluufi wantoota karaa adda ta'een akka yaalan leenjisuun nidanda'ama. Daa'imman wantoota haala yeroo hunda taasisanirra bifa adda ta'een yaaluufi hojjechuu yoo eegalan dandeettiin kalaquu isaanii guddachaa kan jiru ta'uusaa agarsiisa.

Daa'imman kalaqa hojii yookiin dandeettii qabu kan jennu daa'imman kaka'umsa mataa isaaniitiin meeshaalee taphaa yookiin meeshaalee kamiyyuu yookiin hojiiwwan kanaan dura hojjetanirraan karaa adda ta'een taphachuufi fayyadamuu yookiin hojjechuu yeroo eegalanidha. Kalaqini aadeemsa ijoolleen addunyaa karaa adda ta'een itti hubatan yookiin ittiin adda baasanidha.

- Milkaa'inni hojiiwwanii kan daa'imman ilaalchawwan/ karaalee haharaatiin hojjetan, ofitti amanamuuaafi itti gammaduu daa'immanii guddisa.
- Dandeettiwwan kalaqaa caalaatti barachuu sissi'eessa.
- Daa'imman karaa mataa isaaniitiin akka yaadaniifi akka yaalan taasisuun hojiiwwan isaanii bifa adda ta'een akka hojjetan, yaadawwan haharaatiif akka dharra'aniif daa'imman biroo wajjiniinis naannawaa isaanii si'aayinaan akka sakatta'aniif nigargaara.

Mariisaa

Daa'imman wantoota haharaa deddeebisanii yaaluuniifi guddistoonni isaanii itti dhiheenyan jajjabeessuun dandeettiwwan kalaqaa isaanii niguddisu. Kalaqni humna hubachuufi rakkoolee hiikuu daa'immanii guddisuufi cimsuudhaan shoora olaanaa nitaphatu. Sadarkaan dandeettii kalaqa daa'immanii kennaa uumamaan qabaniifi carrawwan mijatoo isaan jajjabeessu kan naannawaa isaaniitti argataniin murtaa'a.

Mariisaa

Hojii gareetiin dura hirmaattota keessaa nama tokko filuudhaan “umrii ijoollummaatti kan

hojjetan keessaa yookiin obboleessi isaanii yookiin obboleettiin isaanii waan kanaan dura hinbaramne hojjetanii maatiin kee kan ajaa'ibsiisatan yookiin kan itti gammadan tureeraa?" jechuun hirmaattota gaafachuun, hirmaataan eyyemamaa tokko akka deebii kennu taasisaa. Itti fufuun, "Ijoollee yeroo turan isaan yookiin obboleessi isaanii yookiin obboleettiin isaanii waan kanaan dura hin baramne taasisanii maatiin kee yeroo itti aaran turee?" gaaffii jedhu hirmaattotaaf dhiheessuun, hirmaataan eyyemamaa kan biroo tokko deebii isaanii akka kennan taasisuun muuxannoo akka waliif hiran taasisaa.

Mariisaa

Itti aansuun hirmaattota garee sadiitti qooduun seenawwan armaan gaditti jiran qindeessitoota gareetiif kennaa. Garicha keessaa hirmaataan dubbisuu danda'u hinjiru yoo ta'e, isin seenicha dubbisuun gargaaruunii qabdu.

Seenawwan kana erga dubbisanii booda tokko tokkoon garee gaaffilee sadan armaan gaditti dhihaatan irratti haa mari'atan.

Jalqaba garichi yeroo ijaaramu maricha qindeessee qabuufi dhiheessuuf hirmaattonni filataman xumura marichaatiin booda dhiheessuu akka qaban yaadachiisuun ni barbaachisa.

Seenaa Dagaagaa

Kuulaniifi Dagaagaa kan jedhamu mucaa waggaa sadii qabdi. Dagaagaa yeroo hunda daa'imman hiriyoota isaafi meeshaalee isaa wajjiniin taphachuun baay'ee isa gammachiisa. Harmeen Dagaagaa mucaanshee kun taphoota garaagaraa akka taphatuuf nijajjabeessitiini. Meeshaalee taphachuufis isa gargaaran, jechuunis qoorkiwwan, koddawwan pilaastiikaa, waraqaalee halluwwan garaagaraa qaban, mukeen, dhagawwan xixiqqoo, finyowwan, fakkiiwwan, qubeessaa abbaa halluu(kalaroota) fi kanneen kana fakkaatan funaanuutiin laastiika keessa gochuun manasheetti bakka taphaa mucaasheef qopheessite nikeessi.

Dagaagaan bakka taphaaf qophaa'eefitti meeshaalee kana xuxuquufi bocawwan garaagaraa kaa'uudhaan xiyyeeffannoon taphachuun isa bohaarsa. Dagaagaan darbee darbee meeshaalee

taphaa barbaaduun manaa ba'ee hiriyoota isaa wajjin taphachuun isa gammachiisa. Kuulanii hojiiwwan ishee mana keessaa hojjechaa giddu gidduutti nageenya Dagaagaa mirkaneeffatti. Tapha isaas gammachuun akka itti fufuuf itti seequudhaan nijajjabeessitiin. Yeroo baay'ee wantoota haharaa Dagaagaan hojjetuufi gaaffiwwan inni gaafatu Kuulaniin ni ajaa'ibaani. Manneen qorkiwwaniin inni ijaaru, konkolaatawwan inni hojjetuufi bocawwan inni kalaqu baay'ee ishee raaja.

Seenaa Simboo

Dureettii, mucaan ishee waggaa afurii Simboon amalaafi naamusa kan qabdu taatee akka guddattuuf hawwii ishee yeroo hundaadha. Simboon akkuma hiriyoota ishee umriin gitaniinii oliigadi joojooruurra(fiffiiguurra) mana keessa teessee hojiiwwan barbaachisoo akka hojjetu taasisuun naamusa qabeettii taasisuun akka danda'amu Dureettii ni amanti. Yeroo tokko tokko Simboon sahaanii dhiquufi hojii mana keessaan harmeeshee gargaaruun kan qooda fudhattu yoo ta'es, yerooshee harka caalu bakkee ba'uun hiriyoota ishee wajjiniin akka taphattuuf harmeeshee kadhachuudhaani kan isheen dabarsitu. Ta'us garuu, Dureettii mucaanshee mana keessaa ala baatee daa'imman biroo wajjin taphachuudhaan uffannishee akka xuraa'uufi awwaarri akka itti nammu gonkumaa hin barbaaddu. Yeroo hundumaa wanti Simbootti himamu yoo jiraate, qulqulluu akka taatudha.

Daa'imman walga'anii gammachuun yeroo taphatan, Simboon qaawwaa balbala mana isaaniitiin millattee ilaalti. Daa'immanii wajjin taphachuuf yoo fedha qabaattes, dheekkamsa harmeeshee sodaattee dhiisti. Simboon adurreeshee jaallattuunii wajjin taphachuudhaan bohaarti. Dureettii, mucaan ishee Simboon ajaja kabajuusheetti baay'ee boonti. Hinraawwatiin wanta jedhamtus raawwachuu dhiisuusheettis nijaallattiin. Kennaa babbareedaa baay'ees bittee fiddiifi.

Gaaffiwwan Marii Garee

1. Gama dandeettii kalaqaa ijoollee isaanii guddisuutiin Imebeetiifi Dureettiin akkamitti ilaaltuunii?

2. Dagaagaafi Simboo hoo akkamittiin ilaaltuuni? Gama fedhii isaanii walabummaan ibsachuutiin garaagarummaa isaan qaban maal fakkaata?
3. Dureettii, Simboo baay'ee kan to'attuuni maaliif sinitti fakkaata?
4. Kuulanii, Dagaagaan akka fedhiisaatti akka taphatuuf kan jajjabeessituuniif maaliif sinitti fakkaata?
5. Bara umrii isaanii itti aanu keessatti daa'ima isa kamtu caalaatti fayyadamaa ta'a? Simboo yookiin Dagaagaa? Maaliif?
6. Dandeettiin kalaqaa daa'imman biratti akka gabbatuuf jajjabeessuun kan barbaachisuuf maaliif isinitti fakkaata?

Mariisaa: ibsawwan waa'ee seenawwan dhihaatanii

- Harmeen Dagaagaa Kuulanii, fedhii taphaa mucaashee hubachuun nijajjabeessitiin. Harmeen Simboo garuu, mucaan ishee baay'ee qulqulluufi naamusa qabeettii akka taatu waan barbaadduuf baay'ee akka isheen taphattu hin jajjabeessituuni.
- Dagaagaan gargaarsa harmee isaatiin tapha barbaadu gammachuun nitaphata. Dalagaalee baay'ees haala isa gammachiisuun hojjechaafi naannawaa isaa sakatta'uun wantoota uumuuf meeshaalee isa barbaachisan nifunaana. Harmeen isaa Kuulaniinitis dhiheenya isaa ta'uudhaan wantoota inni hojjetu hordofuun gargaarsaafi eegumsa taasistiif.
- Simboon manaa ba'uun kan hineyyemamneef ta'uurra darbee, akka Dagaagaa meeshaalee taphaa naannawaatti argaman baay'ee hinqabdu. Yeroo hunda fiilmii ilaaluufi intalshee (doll) wajjin qofa taphachuun baay'ee hin gammachiisuuni.
- Kuulanii, Dagaagaan meeshaalee miidhaa hingeessisneen akka taphatuufi bifa barbaaduun akka yaalu caalaatti nijajjabeessitiin. Daa'imman mana keessattis ta'e alatti taphachuu qabu jettee amanti. Kana yeroo jettu garuu, daa'immanirra wantooti balaa geessisan dhabamsiifamuu akka qabaniifi itti dhiheenyaan hordoffiin maatiis barbaachisaa akka ta'e ni amanti.
- Dureettii mucaan ishee Simboon baay'ee qulqulluufi naamusa gaarii kan gonfate akka taatuu nibarbaaddi. Dureettii mucaan ishee Simboon osoo hinjeeqiin naamusaan taa'ushee, oduwwan durii dubbisuushee, akkasumas ishee gargaaruushee nidinqisiifattiif. Dureettii mucaanshee Simboon dhoqqeedhaan taphattee akka xurooftu hin barbaaddu. Akkasumas, manaa baatee ijoollee safaraa wajjin taphachuudhaan

amalawwan yaraa ta’an akka itti fiddee dhuftu hin barbaaddu.

- ❖ **Dandeettiin kalaqaa kan gabbatu, daa’imman naannawaa isaanii daangaa tokko malee fedhii mataa isaaniitiifi hordoffii itti dhiheenyaan maatiiwwan taasisaniin yoo sakatta’aniifi yaalanidha.**

Ergawwan Ijoo (Daqiiqaa Shan)

Dandeettii kalaqaa gabbisuun faayidaalee gurguddaa armaan gadii daa’immaniif kenna.

Mariisisaa

Ergawwan ijoo dubbisaafii

- Barachuu daa’immanii nisissi’eessa.
- Daa’imman baay’ee gammadoo akka ta’aniifi mataa isaaniif gatii guddaa akka kennan taasisa.
- Yaalii mataasaaniitiin wantoota akka baratan taasisa.
- Jireenya isaanii itti aanutti ogeessa kalaqaa akka ta’aniifi hojii bu’aqabeessa akka hojjetaniif gargaara.

Ragaalee Dabalataa Mariisisaaf

Kalaqini maalidhaa? Maalifis barbaachisa?

- Kalaqini daa’imman karaa mataa isaaniitiin adeemsa wantoota raawwachuudhaan naannawaa isaanii ittiin addaan baasan/ beekanidha.
- Daa’imman wantoota haharaa irra deddeebi’anii yaaluudhaanifi itti dhiheenyaan guddistoota isaaniitiin jajjabeeffamuun dandeettiwwan kalaqaa isaanii niguddifatu.
- Kalaqini humna hubachuufi rakkoo hiikuu daa’immanii guddisuufi cimsuun shoora olaanaa nitaphata.
- Sadarkaan dandeettii kalaqaa daa’immanii , gama kenna uumamaan qabaniifi carrawwan jajjabeessoo mijataa ta’an naannawaa isaaniitti argataniin murtaa’a.
- Dandeettiin kalaqaa daa’immanii gabbachuun caalaatti barachuu sissi’eessa.

- Daa'imman karaa mataa isaaniitiin akka yaadaniifi akka yaalan taasisuun hojii isaanii bifa adda ta'een akka hojjetaniif, yaadawwan haharaaf akka dharra'aniifi daa'imman biroo wajjiniinis naannawaa isaanii si'aayinaan akka sakatta'an taasisa.
- Dandeettiin kalaqaa gabbachuun daa'imman baay'ee si'atoo, barachuuf kan saffisaniifi milka'inaaf kan uumaman hanga fakkaatanitti gahee olaanaa ni taphata.
- Maatiiwwan, daa'imman tapharra yeroo jiran itti dhiheenyaan hordoffii taasisuu qabu.

Gaaffiwwan Marii Garee

1. Mana keessan yookiin mooraa keessan keessatti wantoota dandeettii kalaqaa daa'immanii jajjabeessuu danda'u maal maalfaatu jiru?
2. Mana keessaafi mooraa keessatti maal maal gochuun dandeettii kalaqaa daa'immanii jajjabeessuu kan dandeessan sinitti fakkaata?
3. Miseensoti maatii (haadha, abbaa, obboleessaafi obboleettii gurguddoo) dandeettii kalaqaa daa'immanii jajjabeessuuf gahee akkamii niqabaatu?

Marii Waliinii

Mariisaa

Yaada ijoo marii garee bakka buoonni akka dhiheessan taasisaa. Tokko tokkoon gareef daqiiqaan sadii haa kennamuuf. Hirmaattota keessaa yaadaafi gaaffiin yoo jiraate, gabaasa gareetti aansuudhaan hirmaattota sadiif carraa kennaafii.

Mariisaa yaadawwan ijoo marichaan dhihaataniifi yaadawwan kennaman irratti yaad-deebii kenni. Gaaffiwwan dhihaataniifis deebii kenni. Ragaalee mariisaa kennu ragaa sanada kana keessa jiruu wajjiniin walfakkaataa ta'uutu irra jira.

Ergawwan Ijoo (Daqiiqaa Shan)

Mariisaa

Ergawwan ijoo dubbisaafii

- Daa'immaniin karaalee garaagaraatiin gargaaruun humna kalaquu isaanii gabbisuun nidanda'ama.
- Daa'imman dandeettii kalaqaa hinqabne hinjiran. Daa'imman hunduu abbaa dandeettii kalaqaa ta'uuf humna niqabu.
- Maatiiwwan, daa'imman naannawaa isaanii dharra'anii akka sakatta'aniifi wantoota haharaa akka raawwataniif haalawwan mijataa taasisuufiifi kakaasuuniitu irra jira.
- Wantoota mana keessaafi naannoo manaa jiran kalaqa daa'immanii gabbisuuf gahee murteessaa nitaphatu.
- Maatiiwwan meeshaalee arga yaadaa daa'immanii yookiin yaadawwan bifa kalaqa ta'een kakaasan dhiheessuudhaan, akkasumas yeroo tokko tokko wantoota itti agarsiisuufi itti himuun jajjabeessuutu irra jira.

Raga Dabalataa Mariisisaaf

Fedhii kalaqa uumamaa daa'immanii akkamitti guddisuun danda'ama?

Daa'imman hunduu karaa mataa isaaniitiin bifa kalaqa ta'een naannawaa isaanii ni sakatta'u, ni ibsu. Miiirri kalaqa uumamaa daa'immanii kun jajjabeessuu maatiiwwanii/ guddistootaatiin gabbachuu nidanda'a. Meeshaalee kalaqa daa'immanii jajjabeessan dhiheenya isaaniitti akka argaman taasisuufi wantoota daa'imman irratti balaa geessisuu hindandeenye walabummaan karaa mataa isaanii akka yaalan jajjabeessuun, humna kalaquu daa'immanii gabbisuun eeyyentaa eenyummaa isaanii boruufi kalaqaa isaanii faayidaa hawaasummaa qabuuf bu'uura kaa'uun nidanda'ama.

Humna kalaquu daa'immanii guddisuuf maatiiwwan/ guddistooti namoota murteessoodha. Maatiiwwan/ guddistooti karaa garaagaraa lamaan kalaqa daa'immanii gabbisuu nidanda'u. Inni jalqabaa, meeshaalee fedhii daa'immanii kakaasan dhiheessuun, daa'imman meeshaa dhihaate karaa mataa isaaniitiin akka sakatta'an, jechuunis wantoota garaagaraa wajjin yeroo walitti bu'u sagaleewwan inni baasu, boca isaafi halluwwan isaa, maaliif tajaajiluu akka danda'u akka yaalan gorsuudhaan. Karaan inni biroon immoo, oduuwwan durii qalbii rarraasaniifi namatti tolan walakkaasaa itti himuun, daa'imman fakkiitiin, taphaan yookiin mala daa'imman irra balaa geessisuu hindandeenye birootiin haala oduun durichaa itti xumuramuu danda'u tilmaama isaanii akka agarsiisaniif haala mijataa uumuun nidanda'ama. Wantoota naannoo daa'immanii jiran,

daa'imman maal gochuu akka danda'an gaafachuun daa'imman karaa mataa isaanii fayyadamanii akka sakatta'an taasisuun humna kalaquu daa'immanii gabbisuun ni danda'ama.

Kalaqa daa'immanii gabbisuuf maatiiwwan/ guddistooti maal gochuutu irraa eegama? Kanatti aansuudhaan daa'imman sadarkaa umrii garaagaraatti argamaniif maatiiwwan/ guddistooti dalagaalee akka fakkeenyaatti dhihaatan yoo raawwatan humna kalaqaa daa'immanii gabbisuu ni danda'ama.

Daa'imman Kichuu Dhalootaa Hanga Ji'a Sadiitti Jiraniif

- Quba keessan barruu daa'imichaa keessa gashuun, daa'imtichi jabeessee qabuu akka shaakalu carraa kennaafii.
- Daa'imtittiin harma hodhuu yeroo barbaaddu fiixee harmichaa gara afaan isheetti butuudhaan ofiishee barbaaddee afaan isheetiin akka qabduuf mijeessuun barbaachisaadha.
- Daa'imticha tasgabbiifi mallattoo qaamaa itti dabaluu haasofsiisaanii.
- Sochiiwwan qaamaa itti dabaluu tasgabbiidhaan faaruwwan faarfadhaafii.

Daa'imman Ji'a Sadiitii Hanga Ji'a ja'aa jiraniif : dalagaalee armaan olitti eeramanitti dabalataan kanneen armaan gadii raawwachuudhaan humna kalaquufi fedhii baruu daa'immanii gabbisuun nidanda'ama.

- Daa'imticha hafata lafaa (minxaafii) qulqulluurra garaa isaatiin ciibsuu yaalaa. Kunis, daa'imtichi gara kallattiwwan garaagaraatti akka nanaanna'uufi mataa isaas ol qabachuu akka shaakaluuf isa gargaara. Akkasumas, lapheesaatiinis ol jechuu niyaala.
- Daa'imticha yeroo haasofsiistaniin fuuldura isaa ta'uudhaan fuula keessan suuta bitaarraa gara mirgaatti/ mirgarraa gara bitaatti sochoosaa. Kunis, fedhii baruu daa'immanii dadammaqsuudhaan kallattii isin itti naannoftanitti ija isaatiin sin hordofa.
- Ija daa'imtichaa duratti uffata halluun isaanii ifee mul'atu fannisuudhaan fedhii beekuu daa'imtichaa dadamaqsaa.
- Mooraa keessan keessatti qarqara qarqara manaarra ililliwwaniifi kuduraalee dhaabuudhaan daangaan hubannoofi yaadaa daa'immanii akka bal'atu taasisaa.
- Bifawwan fuulaa garaagaraa (kolfoo, gadduu, dheekkamuu, nyaara butuufi bifawwan kolfisiisan biroo) mucaa keessanitti agarsiisaa. Hammamiyyuu jijjiiramni fuula

keessanii daa'imtichaaf hiika dhabeessa ta'uus jijjiiramni bifaa kuni ijoollee nigammachiisa. Dabalataanis, daa'imman jijjiiramuu bifa fuulaa si'aayinaan akka hordofan dandeessisa.

Daa'imman Ji'a Ja'aa Hanga Ji'a Kudha Lamaa Jiraniif: dalagaaleen armaan olitti eeraman akka jiranitti ta'ee kanneen armaan gadii yoo raawwatan gabbina dandeettii kalaqaa ijoollee saffisiisuu.

- Dalagaa mucichaaf raawwachaa jirtan (qaama isaa dhiqaafii jirtu yoo ta'ee, wayyaa isaa jijjiiraafii jirtu yoo ta'eefi kanneen biroos) yeroosuma afaan salphaa ta'een osoo ibsameefii filatamaadha.
- Gabbachuu dandeettii kalaqaa daa'immaniif kunuunsaafi jaalalli isin itti agarsiistan murteessaa waan ta'eef, jaalala ijoollee keessaniif qabdan karaalee garaagaraatiin (sassatanii ilaaluunii, tasgabbiin qaqqabuunii, hammachuufi kanneen birootiin) ibsuu hin irraanfatiinaa.
- Sochiilee mana keessaa guyyuu guyyuu keessatti (fakkeenyaaf : ittoo yeroo hojjetan, buna yeroo danfistan, aannan yeroo elmitaniifi kanneen biroos) daa'imtichi akka isin ilaalu taasisaa. Kunis, ilaalchaafi arga yaadaa daa'immanii nisissi'eessa. Nigabbisa.

Daa'imman Waggaa Lamaa Hanga Waggaa Sadii Jiraniif: dabalaataanis, dalagaalee armaan gadii yoo raawwatan dandeettii kalaqaa daa'immanii caalaatti nigabbistu.

- Waraqaafii qubeessaa mucaa keessaniif kennuudhaan walabummaan akka irratti boxoboxan jajjabeessaa.
- Meeshaalee garaagaraa mucaarratti balaa hingeessisne funaanuun, kaka'umsa mataa isaatiin waan barbaade akka hojjetu jajjabeessaanii. Itti dhiheenyaanis hordofuun dinqisiisachuu keessan ibsaafii. Ofiisaa irrattis balaa akka hin geessisne hordofaanii. Meeshaalee armaan gadii funaanuudhaan waan ittiin shaakalu mucaatiif qopheessuun nidanda'ama.
 - Waraqa, qubeessaa, qalama, haluwwan garaagaraa
 - Mukeen furdaa, qallaa, dheeraa, gabaabaa
 - Cirracha xixinnoofi xiqqooshee gurguddatan
 - Qoorkiiwwaniifi qadaaddiiwwan koddaa bishaan ittiin dhugamuu

- Koddaa bishaan ittiin dhugamu (bishaaniifi cirrachawwan shishifii akka ittiin gaggalagalchan hanga tokko itti agarsiisuun nidanda'ama.)
- Meeshaalee naannawaa keessanitti argaman kanneen daa'imman irra miidhaa hingeessisne funaanuu nidandeessu.
- Mana keessatti yookiin mooraa keessatti mucaa keessanii wajjin dhokachoo, taphoota akka daa'imanii meeshaalee keessa huhuulluuquufaa yoo taphatan humna rakkoo hiikuu daa'immanii nigabbistu.
- Bakka qarqara mana kee tokkotti meeshaalee gabbina daa'immaniitiif funaante kaa'uudhaan walqabatiinsaafi itti fufiinsa deggersa keettii mirkaneessuu dandeessa.

Daa'imman Waggaa Sadiifi Isaa Ol Jiraniif: dabalataanis dalagaalee armaan gadii yoo raawwatan dandeettii kalaquu mucaa keettii caalaatti gabbista.

- Mana kee keessa umrii daa'immanii wajjiniin kanneen walgitan kitaabilee fakkiifi galaalchawwan kaa'i.
- Meeshaa bishaan ittiin dhudhuuban hanga walakkaatti bishaan itti naquudhaan daa'imman kubbaayyaafi koddawwan bishaan ittiin dhuganiin waraabuun hihirrisuutiiniifi meeshaaleen garaagaraa irra bolali'uufi keessa dhidhimuu isaanii sakatta'utiin humna kalaqaa isaanii haa jajjabeessan.
- Oduu durii itti odeessuudhaan daa'imman deebisanii akka dubbatan jajjabeessuu.
- Ijoolleen keessan daa'imman biroo wajjin akka taphatan jajjabeessanii. Kunis, daa'imman waa'ee kanneen biroo yaaduufi hariiroo walii waliisaanii bifa kalaqaa fooyya'aa ta'een gabbisuuf nigargaarani.
- Qubeessaa abbaa halluufi (kalaroota) waraqaa qopheessuudhaan walabaan fakkii barbaadan kaasuutiin halluu akka itti diban jajjabeessaa.
- Daa'imman akaakuuwwan taphootaa armaan gadii taphachuu isaanii mirkaneessaa. Ta'uu baannaan, daa'imman biroo taphoota kunneen taphachuudhaan akkamitti akka gammadan oduu duriitiin yookiin faaruutiin irra deddeebi'uun itti himaa. Kana erga taasistanii booda, daa'imman taphoota kanneen taphachuuf kaka'uu isaanii ilaalaa. Fakkeenyaaf: taphoota armaan gadii duukaa taphachuudhaan taphichi gammachiisaa ta'uu itti agarsiisaa:
 - Dhokachoo

- Lafarratti boxoboxuu
- Cirrachawwanii, midhaaniin, quba isaaniitiin yookiin wantoota birootiin lakkoofsa lakkaa'uu yaaluu
- Hibboo taphachuu
- Qoda qodaa taphachuu
- Meeshaalee qaban akaakuu isaaniitiin fakkeenyaaf: dheerinaan, halluwwaniifi kanneen kana fakkaataniin adda baasuu
- Hidda utaaluu, fiigicha, wal hari'uu, sireerra ba'anii utaaluu, wantoota ol ka'anirra ba'uufi bu'uu, akkasumas sochiilee ispoortii garaagaraafi kanneen biroo taasisuu.